

**XIINXALA HAALA DHIHAANNA CAASLUGA AFAAN
OROMOO KITAABA BARNOOTAA KUTAA 11FFAAFI
HOJIIRRA OOLMAA KUTAA BARNOOTAA
KEESSATTI: MANA BARUMSAA QOPHAA'INA
GIDDAA AYYAANAARRATTI XIYYEEFFATE**

QORATAAN : TAAKKALAA GARBII EJJETAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII
LAMMAFFAA (MA) BARNOOTA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU ITTIIN BARSIIISUU GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA,
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF
DHIYAATE**

JIMMAA,

FULBAANA 2014

**YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA,
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

**XIINXALA HAALA DHIHAANNA CAASLUGA
AFAAN OROMOO KITAABA BARNOOTAA KUTAA
11FFAAFI HOJIIRRA OOLMAA KUTAA BARNOOTAA**

**KEESSATTI: MANA BARUMSAA QOPHAA'INA
GIDDAA AYYAANAARRATTI XIYYEEFFATE**

QORATAAN : TAAKKALAA GARBII EJJETAA

GORSAAN : TASHOOMAA BALAAYINAA (Ph.D)

GARGAARAA GORSAAN: MAHAADII HUSEEN (MA)

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII
LAMMAFFAA (MA) BARNOOTA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUU ITTIIN BARSIISSUU GUUTTACHUUF
QOPHAA'E DHIYAATE**

FULBAANA 2014,

JIMMAA

YUUNVARSITI JIMMAA

SAGANTAA EEBBAA BOODAA

Waraqaan qorannoo kun Taakkalaa Garbii Ejjetaatiin, mataduree: Xiinxala Haala Dhihaanaa Caasluga Afaan Oromoo Kitaaba Barnootaa Kutaa 11ffaafi Hojiirra Oolmaa Kutaa Barnootaa Keessatti ulaagaa digirii lammaffaa barnoota Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf qophaa'ee kan dhihaate yoo ta'u, hojii dhuunfaa koo isa jalqabaa ta'ee akka seera Yuunvarsitiichaatti sadarkaafi qulqullina isaa eegee kan dhiyaatedha.

Qorataan : Taakkalaa Garbii Ejjetaa Mallattoo _____ Guyyaa _____

Koree Qormaataa

Gorsaa: Tashoomaa Balaayinee (Ph, D)Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gargaaraa Gorsaa; Mahaad Huseen (MA) Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa : _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa alaa : _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Dura ta'aa muumme yookiin Qindeessaa sagantaa eebbaa boodaa

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'usaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Taakkalaa Garbii Ejjetaa

Mallattoo _____

Guyyaa _____

AXAREERAA

Qorannoon kun kan geggeeffame naannoo Oromiyaa, godina Wallagga-Bahaa, aanaa Giddaa Ayyaanaa, mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti. Kaayyoon qorannichaas haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa Iffaaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti xiinxaluudha. Tooftaa ragaan ittiin funaaname keessaa tokko madaallii qabiyyee caasluga geggeessuunidha. Inni biroo odeeffannoo afgaaffiin funaanuunidha. Afgaaffiin itti gaafatamaa muummee fi barsiisaa Afaan Oromoo kutaa kana barsiisu haala hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti maal akka fakkaatu irratti ragaa funaanuuf kan qophaa'edha. Akkasumas daawwannaa kutaa keessaa geggeessuudhaan ragaan barsiisaafi itti gaafatamaa muummeerraa walittii qabame (sassabame) mirkaneessuuf deemameera. Bu'aan qorannoo kana irraa argame boqonnaalee hunda keessatti kaayyoleen afaanii isaan xixiqqoo keessaa caaslugni dhibuu (boqonnaa 15, 16 fi 17), boqonnaalee hunda keessatti caaslugni haala walmadaaluufi walitti fufiinsa qabuun qophaa'uu dhabuufi caasluga dhiyaateef ibsi gahaan dhibuudha. Kun immoo qopheessitoota kitaaba barnoota Afaan Oromoo irraa gumaachi guddaan kan eegamu ta'uu isaati. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaaba barata Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan maalummaa caaslugaalee Afaan Oromoo bifa salphaatiin hubatamuu danda'aniin, qabsiisaafi fakkeenyaan deeggaranii osoo dhiyeessaniiruu ta'ee ofiin barachuu barattootaa keessatti faayidaa olaanaa qaba. Qabiyyeewwan caaslugaalee Afaan Oromoo boqonnaalee adda addaa jalatti bibitinaa'anii dhiyaatan utuu boqonnaa murtaa'aa jalatti gurmaa'anii dhiyaataniiruu ta'ee haala salphaa ta'een barattoonni hubachuu waan danda'aniif galma ga'iinsa qabiyyee barnootichaatiif bu'aa guddaa kan qabuufi gilgaalonni caaslugaalee irratti hundaa'anii kitaaba barnootaa kana keessatti dhiyaatan osoo fakkeenya adda addatiin deeggaramanii dhiyaataniiruu ta'ee qabiyyichi hanqina tokko malee galma ga'uu nidanda'a.

GALATA

Duraan dursee waraqaa qorannoo kana akkan hojjedhuuf carraa kan naa saaqe Waaqayyoon guddaa guddaan galateeffadha. Itti aansee adeemsa qorannoo kanarratti abbumaadhaan nuffii tokko malee yeroofi beekumsa isaanii utuu hinqusatiin abbaan akka mucaasaa gargaaruutti kan na gargaaraan gorsaa koo Tashoomaa Balaayinaa (Ph.D) guddaan galateeffadha. Dadhabbiifi nuffii tokko malee bu'a ba'ii hedduu keessa darbuun bakka ani har'a gahee kanaaf bu'uura jalqabaa kan naaf ta'an abbaa koo obbo Garbii Ejjetaafi haadha koo aadde Warqituu Galataa oolmaa isaanii hundaaf utuun isaan hingaalateeffatiin bira hindarbu; galanni koos guddaadha. Kana malees, karaa hundaan na bira dhaabbachuun jalqabaa hanga dhuma hojii kannaatti na jajjabeessuun milkaa'ina qorannoo koof ga'ee olaanaa kan bahaa turan hiriyyoota koo hedduun galateeffadha. Akkasumas, mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa meeshaalee addaddaan na gargaaruu isaafi barsiisaa mana barumsaa kanatti kutaa 11ffaa barsiisu deeggersa yaadaa waan naa godheefi odeeffannoo barbaachisu waan naa kenneef galanni koo guddaadha.

BAAFATA

Qabiyyee

Fuula

AXAREERAA	v
GALATA.....	vi
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	5
1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa.....	5
4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5 Daangaa Qorannichaa.....	6
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	7
1.7 Qindoomina Qorannichaa.....	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'AA BARRUU.....	8
2.1 Yaadrimee Afaan Barachuufi Barsissuu.....	8
2.2 Maalummaa Caaslugaa	10
2.3 Qabiyyee Dandeettii Seerlugaa.....	14
2.4 Karaalee Caaslugni Kitaaba Keessatti Qophaa'u.....	15
2.4.1 Haala Dhiheenya Bu'aa.....	15
2.4.2 Haala Dhiheenya Adeemsaa.....	16
2.4.3 Haala Dhiheenya Dandeettii.....	16
2.5. Haala Dhiheenya Seerlugaa Daree Barnootaa Keessatti.....	16
2.5.1 Haala Dhiheenya Dimshaashaa.....	16
2.5.2 Haala Dhiheenya Murtaa'aa.....	17
2.6 Amala Caasluga Barsiisuu.....	18
2.6.1 Bakka Caaslugaa Afaan Barsiisuu Keessatti.....	18
2.6.2 Gahee Caasluga Afaan Barsiisuu Keessatti.....	19
2.7 Qaamota Caasluga Barsiisuu.....	19
2.8 Akkaataa Caaslugni Itti Baratamu.....	20
2.9 Yaadxina Caasaa Afaanii.....	21
2.10 Qorannoo Walfakkii.....	23
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA.....	25
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	25
3.2 Irraawwatama Qorannichaa.....	25
3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	26
3.4 Madda Ragaa.....	26
3.5 Tooftaan Ragaan Ittiin Funaanamu.....	26
3.5.1 Sakatta'a Kitaaba Barataa.....	27
3.5.2 Afgaafii.....	27
3.5.3 Daawwaannaa Kutaa Keessaa.....	28
3.6 Mala Odeeffannoon Ittiin xiinxalameefi Ittiin Hiikame.....	29
BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO HIIKUUFU QAACCEESSUU.....	30
4.1. Seenduubee Kitaabichaa.....	30
4.2 Seenduubee Ragaa Kennitootaa.....	30
4.3. Haala Dhihaannaa Qabiyyee Caasluga Kitaabichaa.....	31
4.3.1 Sirrummaafi Iftoomina Qabiyyee Caaslugaa Qabaachuu.....	36
4.3.2 Qindoomina Qabiyyee Caaslugaa Qabaachuu.....	38
4.3.3 Qajeelfama Qabiyyee Caaslugaa Sirriifi Ifa Ta'e Shaakala Qabaachuu.....	40
4.3.4 Shaakala Qabiyyee Caaslugaa Gaarii / Gahaa Qabaachuu.....	42
4.3.5 Sadarkaa Sanaaf Kan Madaalu Ta'uu.....	45

4.3.6 Mala Barataa Giddugaleessa Taasisa Ta'uu.....	48
4.3.7 Irra Deddeebiifi Guddina Qabiyyee Caaslugaa Qabaachuu.....	49
4.4 Hojiirraa Oolmaa Kutaa Keessaa.....	52
4.5 Hanqinoota Gurguddoo	60
BOQONNAA SHAN: GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA.....	62
5.1 Goolaba.....	62
5.2. Yaada Furmaataa.....	64
WABIILEE.....	67
Dabalee 'A'	71
Dabalee 'B'	72
Dabalee 'C'	73

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Barnoonni afaanii kallattii garaagaraatiin faayidaa hedduu akka qabu beekamaadha. Kanas kitaabileen qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 9-12 (fuula i) irrattti akka ibsametti, “Kaayyoon barnoota afaanii (Language Education) inni guddaan akka waliigalaatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda’an ogummaawwan afaanii warra bu’uuraa (the basic language skills) horachiisuudha,” jedha. Barnoonni afaanii akka gosa barnootaa tokkotti kan kennamuufi gosa barnootaa biroo barsiisufillee gahee olaanaa kan qabudha. Kanarraa ka’uudhaan hayyoonni afaanii mala ittiin afaan barsiifamuu danda’u yeroo garaagaraatti qorachuun itti tajaajilamaa turaniiru. Malleen yeroo garaagaraatti hayyootaan bocamaniifi dhimmi itti bahaman kunniin yaadiddamoota garaagaraa irraatti kan bu’uureffamaniifi qabxiilee xiyyeeffannoo mataa isaanii kan qabaniidha. Hayyoonni xiinqooqaafi qorattoonni afaanii qulqullina afaan barsiisuu fooyyessuuf yemmuu tattaafachaa turanitti jaarraa 19^{ffaa} keessa kan isaan bu’uureffatan yaadiddamoota afaan barsiisuu adda addaati. Yaadxinoonni kunniin ammoo akkaataa afaan itti baratamu, akkaataa beekumsi afaanii ittiin gonfatamu akkasumas akkaataa afaan ittiin caaseffamurratti kan hundaa’an akka ta’e Richardsfi Rodgers (2001) ibsaniiru.

Barnoota afaanii keessatti dandeettiiwwan afaanii qofa qofaa isaaniitti gahee mataa mataa isaanii niqabu. Dandeettiiwwan kunniinis bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis dandeettiiwwan afaanii gurguddoo xixiqqoo jedhamanii beekamu. Dandeettiiwwan afaanii kanneen gurguddoo jedhamanii beekaman kunis dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu yemmuu tahan isaanis odeeffannoo fudhatoofi kennoo jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Dandeettiiwwan afaanii keessaa odeeffannoo ittiin fudhachuuf kanneen tajaajilan dandeettii dhaggeeffachuufi dandeetti dubbisuu yammuu tahan dandeettiin dubbachuufi dandeettiin barreessuu immoo odeeffannoo namoota birooof ittiin dabarsuuf kan oolanidha. Dandeettiiwwan afaanii kanneen xixiqqoo jedhamanii beekaman immoo jechootaa haaraafi caaslugadha. Caaslugni akka caasaa afaaniitti xiindhamsaga, xiinlatii, xiinhima, xiinhiika ilaallachuu kan danda’udha. Caasluga barsiisuun afaan barachuufi barsiisuu keessatti dhimma baay’ee barbaachisaa

tahedha. Haa tahu malee, caaslugni kan barsiifamu qofaasaa utuu hintaane dandeettii dubbachuufi barreessuu waliin walsimsiisuunidha, (Tamasgeeniifi Tashoomaa 2015:104).

Haa ta’u malee, Afaan Oromoo afaan hojii ta’ee tajaajiluu kan eegale yeroo dhihoodhaa asi waan taheef afaanicha barachus ta’ee afaanichaan barsiisuurratti rakkoon tokko tokko darbee darbee nimul’ata. Rakkooleen kanneen keessaaa tokko rakkoo gama caasaaleen jiran ta’uu danda’u. Caasaleen kanneenis seera ittiin too’ataman niqabu. Seerri kun caasluga jedhama. Kana ilaalchisee Addunyaa (2010:24) hayyuu O’Grady (1996) wabeffachuun yoo ibsu, “Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo (caasaa dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi wkf) kan to’atuudha,” jedha. Kun immoo adeemsa baruu barsiisuu keessatti afaan kamiyyuu walquunnamtii ga’aa gochuuf caaslugni iddoo olaanaa qabaachuu isaa kan mul’isudha.

Wasanee Bashaa (2001: 24) yaada hayyoota adda addaa wabeffachuudhaan yommuu barreessu, “*Seerlugni seera afaan tokko ittiin qajeeludha*” jedha. Afaan kamiyyuu seera mataa isaa waan qabuuf qajeelfama ykn qindeeffama afaan tokkoo ta’uu isaa kaa’a.

Leech (1983:4) akka ibsuttiis, “Grammar (the formal system of language) and pragmatics (the principles of language use) are complementary domains....The nature of language cannot be understood without studying both these domains and the interaction between them”. Yaanni kunis waanti nama hubachiisu seerlugni akkaataa seera qabeessummaa afaaniifi itti fayyadama isaarratti hundaa’uudhaan kan caaseffamu akka ta’e kaa’a.

Afaan Oromoo barachuu keessatti rakkoowwan muul’atan keessaa tokko kan caasaati. Afaan Oromoo akkuma afaanota biroo seera caasaa mataa isaa tu’atu qaba. Abarraa (1982:1) akka ibsutti, “Afaan kamiyyuu caasaa (seera) of danda’e qaba. Guddina afaan tokkoof caasaa kana qorachuun, gabbisuufi beeksisuun barbaachisaa ta’a. Kana malees sirna barnootaa cimsuufis ga’een isaa salphaa miti. Waltina afaanitiifis nigumaacha. Afaan Oromoos caasaa of danda’e niqaba. Caasicha qorachuun hir’ina isaa guutaa deemuun barbaachisaadha” jechuun ibsa. Akka ilaalcha tooftaa barnoota afaanii barsiifataatti (tradition), caaslugni akka sirna caasaa xiinhimaa (system of rules of syntax) kan tartiiba jechoonni walitti dhufanii himoota sirrii ta’an itti ijaaran yoo ta’u akka isa

ammayyaatti tooftaalee namni tokko hojii dubbiifi barreeffama keessatti ergaa hiika qabeessa ittin dabarsuudha (Atkins, 1995: 86).

Himni tokko tartiiba jechootaatiin malee sirriifi hiika qabeessa ta'uu waan hin dandeenyeef qabxii 'tartiiba jechootaa' jedhu kanallee kan of keessaa qabu ta'ee xiyyeeffannaan caaslugaa garuu hiika dabarsuurratti ta'e unka(form) caaslugaa, hiikasaa (meaning)fi hiika walitti dhufeenya jiruufi jireenya hawaasaa keessatti uumamu (pragmatics) kan of keessaa qabudha jedha, Abdii Alamaayyoo (2016 : 8).

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo erga afaan barnootaa ta'ee haa bubbulu malee ammas gilgaalonni dandeettiiwwan afaanii shaakalchiisuuf qophaa'an hanqina qabaachuu malu. Yeroo itti Afaan Oromoo afaan barumsaa ta'e kana shaakaloonni dandeettii caaslugaa gabbisuuf kaayyeffatan qulqullinaan dhihaachuun isaanii murteessaa ta'a. Kanaaf, rakkoo caasluga irratti gama adda addaattiin mul'atuuf ka'umsi haala dhihaannaa isaa ta'uu danda'a. Keessattuu rakkoo barattoota mudatuuf haalli dhihaannaa gilgaalotaafi ga'umsi isaanii ga'ee olaanaa qaba. Akkasumas qoratichi waggoota dheeraaf Afaan Oromoo barsiisaa ture. Turtii isaa kana keessattis caasluga barachuufi barsiisuu ilaalchisee rakkoolee gama haala dhihaannaa caaslugaa kitaaba barnootaa keessa jiru haalaan hubatee jira.

Sababni, haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaarratti xiyyeeffateef immoo yeroo dheeraaf kitaaba kana fayyadamee waan barsiisaa tureefidha. Yeroo barsiisaa turetti keessumaa dhimma caaslugaa kitaabicha keessatti argamaniin walqabatee shakkii baay'ee isa keessatti uumee ture. Kunis, caaslugni kitaaba barnootaa kana keessa jiru haaala dhiyaannaa isaatiin caaslugni kitaaba barataa keessatti sirni barnoota afaanii tokko akka itti qophaa'u qabu bu'uureeffachuun xiinxaluu; akkasumas kutaa barnootaa keessatti barsiisonni Afaan Oromoo barsiisaa jiran akkamiin hojiirra oolchaa akka jiran sakatta'uun hanqinaalee jk2iraniin walqabsiisuun furmaata kennuufidha.

Qorannoon mataduree kanaan walfakkaatu Yunvarsitii adda addaa keessatti hojjetamee jira. Isaanis tokkummaafi garaagarummaa mataa isaanii qorannoo kana waliin niqabaatu. Kunis tokkummaafi garaagarummaa isaanii adda bahee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Qorannoon Dirribaa (2008/ 2016), Yunvarsitiiti Addis Ababaa, mataduree Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Kutaalee 11fi 12: Walitti Fufinsaafi Dagaagina Irratti Xiyyeeffachuun hojjetame qorannoo kana waliin yaanni walitti isaan fiduufi adda adda isaan baasu nijira. Qorannoolee kanneen lamaan kan walitti isaan fidu xiinxala qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaarratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaaniiti, Kan adda isaan taasise immoo qorannoon Dirribaan hojjetame xiinxala qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaarratti haa ta'u malee xiyyeeffannoon qorannichaa haala walitti fufiinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa jiraachuu isaarraatti. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa garuu haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessaarrattidha.

Qorannoon biroo, Xiinxala Hojiirra Oolmaa Tooftaawwan Waliin Dubbii Caasluga Afaan Oromoo Barsiisuu Mana Barumsaa Ifaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa Saglaffaarratti Abdii (2016) Yunvarsitiiti Finfinneetti hojjetame qorannoo kana waliin kan wal isaan fakkeessuufi gargar isaan taasisu jira. Kunis kan wal isaan fakkeessu lamaanuu hojiirra oolmaa caasluga Afaan Oromoo yoo ta'u kan gargar isaan taasisu immoo qorannoon Abdii tooftaawwan waliin dubbii caasluga Afaan Oromoo barsiisuurratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun garuu haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessa irrattidha. Akkasumas manni barumsaafi kutaa qorannoon kunniin irratti geggeeffaman adda addadha.

Haala kanaan kana bu'uura taasifachuun qorannoo kana keessatti qoratichi haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2005 A.L.I. qophaa`e gama haala dhihaannaa qabiyyee caasluga shaakalchiisuutiin maal akka fakkaatu adda baasuu; hanqinaa jiru adda baasuun agarsiisuu; hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti ilaaluudha. Kanaafuu, gaaffilee bu'uuraa adeemsa qorannoo keessatti deebii argatan qorataan haala armaan gadiitti dhiyeessa.

1. Haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessatti dhiyaate maal fakkaata?

2. Caaslugni Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barataa kutaa 11ffaarratti qophaa'een daree barnootaa keessatti hojiirra oolaa jiraa?

3. Qaawwaan haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessatti dhiyaataniifi hojiirra oolmaa caasluga Afaan Oromoo kutaa barnootaa keessatti (kutaa 11ffaa keessatti) mula'atu jiraa?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti manneen barumsa Qophaa'ina Godina Wallagga Bahaa filataman keessa mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa keessatti xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Xiinxalli haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaan kutaa barnootaa keessaa kaayyoowwan xixiqqoon isaa kan armaan gadiiti.

1. Haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessatti eeramee jiru ibsuu.
2. Caaslugni Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barataa kutaa 11ffaarratti qophaa'een daree barnootaa keessatti hojiirra oolaa jiraachuu isaa ifa baasuu.
3. Qaawwaa haala dhihaannaafi hojiirra oolmaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa gidduu jiru agarsiisuun hanqina mul'atuuf yaada furmaataa qabatamaa heeruudha.

4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo kun akka yaadametti fiixaan bahee yoo xumurame argannoo isaarratti hunda'uudhaan: kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa xiinxaluun haala dhihaannaa caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barnootaarratti hanqinaafi cimina isaa waan ibsuuf barattootaafi namoota kitaaba kana gargaarramaniif ciicata (input) ta'uu danda'a; gama biroon qaamni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoffaa caasluga

afaanichaatti gargaaramu hanga barbaachisummaa kitaabichaa itti agarsiisuuffillee ni gargaara. Barsiisota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisan rakkoo haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaafi hojiirra oolchuu keessatti mul'atu hubachiisuu nidanda'a. Kana malees hanqinoota dandeettii caasluga Afaan Oromoo barsiisuu irratti qunnaman fuulduratti salphisuuf barsiisota nigargaara. Akkasumas gara fuulduraatti mataduree kanarratti qorannoo geggeessuu namoota barbaadaniif qorannoon kun ka'umsaafi madda ragaa ta'ee tajaajiluu nidanda'a.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Sababa hanqina diinagdeefi yeroorraa kan ka'een rakkoolee haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo haala kitaaba barnootaafi hojiirra oolmaa isaarratti qunnaman hunda gadfageenyaan qorachuun hindanda'amu malee rakkoon akka ka'umsa qorannoo kanaatti fudhatame kun manneen barnootaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman mara qunnamuu danda'a jedhamee yaadama. Akkasumas, odeeffannoo barbaachisu manneen barumsaa kana mararraa walitti qabuunis dandeetti qorataatin olidha.

Kanaafuu, daangaan qorannoo kanaa xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti: manneen barumsaa godina Wallagga Bahaa filatamanirratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan qorannoon kun kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1-12 jiran keessaa kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi manneen barumsa Qophaa'ina godina Wallagga Baha jiran keessaa mana barumsa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa qofa wiirtuu qorannoo kanaa godhachuun kan irratti xiyyeeffatudha. Kunis bakki jireenya qorataa godina Wallagga Bahaa tahuufi qoratichi mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti barsiisaa jiraachuu isaati. Akkasumas mana barumsaa kana kan filateef qorataan hojiirra oolmaa haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kanarratti odeeffannoo gahaa argachuun anda'a jedhee waan amanuuf akkaayyootti filate.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun manneen barnootaa Qophaa'ina godina Wallagga-Bahaa hunda keessatti utuu geggeeffamee gaarii ture. Haa ta'u malee, sababa hanqina yeroofi baajetaarraa kan ka'e manneen barnootaa hunda keessatti geggeessuun hindanda'amne. Haalumma kanaan manneen barnootaa Qophaa'ina Oromiyaa hunda xiinxaluun rakkisaa waanta'eef qorataan manneen barnootaa kanneen keessaa mana barumsaa tokko qofarratti kan xiyyeeffatedha. Kuni mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaana kutaa 11ffaa qofarratti akka geggeessu isa taasiseera. Odeeffennaanillee afgaaffii dhiyaateef yaada bal'aa kennuurraa of qusachuun kan mul'atu yoo ta;us mari'achiisuudhaan amanisiisuudhaan qorannoo kana geggeessuun danda'ameera. Kanaafuu, hanqinni kun utuuma jiruu qorataan kan hunda dandamachuun qorannoo kana geggeesse jira.

1.7 Qindoomina Qorannicha

Qoannoon kun mataduree xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti kan geggeeffame yoo ta'u boqonnaawan gurguddoo shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaan tokko keessatti matadureelee hammatamuu qaban kanneen akka seenduubee qorannicha, ka'umsa qorannicha, kaayyoo gooroo qorannichaafi kaayyoo gooree qorannicha, barbaachisummaa qorannicha, daangaa qorannicha, akkasumas hanqina hojii qorannichaa keessatti mul'atan tartiibaan ka'amani jiru. Boqonnaan lama sakatta'aa barruuti. Boqonnaa lama kana keessatti barruulee yaaxxinaafi barruulee walfakiitu dhihaatu. Boqonnaan sadii mala qorannichaati. Mataduree kana jalatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala filannoo iddattoo, meeshaalee funaansa raga, adeemsa raga walitti qabuufi mala qaaccessa ragaalee faatu dhihaate. Boqonnaan afur qaaccessaafi ibsa ragaaleeti. Kutaa kana keessatti ragaalee sakatta'a kitaabaa, afgaaffii barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee irraa funaaname daawwii dareen qaaccassamuun ibsamee jira. Boqonnaan shan immoo goolabaa fi yaada furmaatati. Mataduree kana jalatti xiinxalaafi qaaccessa ragaalee irraa argannoowwan argaman duraa duubaan erga dhihaatanii booda; argannoowwan kanneen irratti hundaa'uun qoratichi hanqinoota jiran furuuf yaadolee furmaata jedhee yaade kutaa kana keessaatti dhiheesse jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'AA BARRUU

Sakatta'insi barruu yaada hayyoonni adda addaa waa'ee mataduree qorannichaan walqabatu ibsanidha. Akkuma matadureen qorannichaa garaagara ta'u malu yaanni hayyootaan ibsamus garaagara. Haaluma kanaan sakatta'insi barruu kun haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa daree barnoota keessaa sakatta'uurratti kan xiyyeeffatudha. Kanaafuu, maalummaa caaslugaa, qabiyyee dandeeettii seerlugaa, karaalee caasslugni kitaaba keessatti qophaa'u, haala dhiyeenya seerlugaa daree barnootaa keessatti, amala caasluga barsiisuu, qaamota caasluga barsiisuu, akkaataa caasslugni itti baratamu boqonnaa kana keessatti hammatamanii iru.

Walumaagalatti, boqonnaan kun waa'ee haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti xiinxaluu irratti kan xiyyeef- fatudha. Kunis maalummaa caaslugaa irratti yaada beektonni kennan irratti xiyyeeffachuun dhimmoota caasluga irratti ka'an hedduu keessaa dhiimma mata duree qarannoo koo waliin wal qabatan haala gadiin dhiyeesseera.

2.1 Yaadrimee Afaan Barachuufi Barsiisuu

Adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessaa afaan barsiisuun namni tokko wanta barsiisuu qabu karaa saayinsaawaa ta'een qaama baratu biraan gahuu jechuudha. Barssifni tokkos barsiifame kan jedhamu yoo odeeffannoon haaraafi gahaa ta'e haala haaraa ta'e keessatti sirriitti qaqqabuun hojiirra oolchuun hiika argatedha. Embi (2000) akka ibsetti, barsiisuu jechuun qajeelchuu, kallattii agarsiisuu akkasumas hubannoo kanaan dura hinjirre akka jiraatuuf nama baratu sana gargaaruudha. Kan jechuun barsiisaan keessattuu afaan barsiisu beekumsa sammuu isaa keessa jiru barattoota isaaf qooduun kallattii agarsiisa; hubannoo ofii qabu barattoonni isaa akka hubataniif muuxannoo hiruu akka ta'e nu hubachiisa. Kana malees barsiisuu jechuun shaakalsiisuufi jijjiiramni amalaa akka dhufuuf haala mijeesuun barsiisuu jechuunssuudha.

Afaan barsiisuun umrii dheeraa akka qabu hayyoonni ni ibsu. Dhimma kana ilaalchisuudhaan Richardsfi Rodgers (2001, f. 1) yoo ibsan, 'Afaan barsiisuun akka ogummaa tokkootti kan hojiirra oole jalqaba jaarraa digdamaffaa keessa akka ta'e ibsu'.

Jaarraan ibsame kun yeroo barsiisummaan ogummaa mataa isaa danda'ee beekame akka ture ibsuun Sanaan dura hojiin barsiisuu hinturre jechuu akka hintaane heeruun, Waggaa 500 dura Afaan Laatiinii biyyoota dhihaa biratti afaan barnootaa, afaan daldalaa afaan amantaafi afaan mootummaa ta'ee tajaajilaa turuu isaa nihimama. Jaarraa 16ffaa keessa garuu afaanonni akka Afaan Faransaayii, Afaan Xaaliyaaniifi Afaan Ingiliizii sababa jijjiirama siyaasaa Awuroppaa keessa turetiin tajaajla kennuu jalqaban. Yeroo kanatti ammoo Afaan Laatiinii humna dhabaa akka dhufe ibsu, Richardsfi Rodgers (2001).

Adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessaa afaan barachuun isa biroodha. Barachuun waan kanaan dura hinbeekne tokko beekuuf itti madaquun, shaakaluun hubanoo haaraa ta'e tokko argachuuf gargaara. Kunis jijjiirama amalaa, yaada waa hubachuundanda'uun muuxannoo kanaan dura hinbeekne baruuf kan gargaarudha. Haaluma kaan jijjiirama yaadqalbii kan nama keessatti horuufi muuxannoo jireenyaa kan irraa argatanidha. Akka Lachman (1997) ibseuti, barachuu jechuun muuxannoo duraan qabnurratti yaada haaraa, beekumsa haaraa, muuxannoo haaraa dabalachuuf yookiin cimsuuf kan gargaarudha. Yaada kanarraa wanti hubatamu barachuun muuxannoo bu'a qabeessa ta'e argachuu, beekumsa jireenya namaa jijjiiruu danda'u argachuun ofitti amanamummaa kan cimsu ta'uu isaati.

Jaarraa 18ffaa keessa "Afaanonni Ammayaa" kaarikulamii manneen barnootaa Awuroppaa keessa galanii tajaajila kennuu eegalanis adeemsaafi seerri isaan hordofan kanuma Afaan Laatiinii sana ture. Barattoonni seera afaanii qo'atanii sammuutti qabatu. Barnoonni caaslugaa fi dubbisuuf iddoo guddaa laata. Afaan dhalootaatti jijjiiranii dubbachuun waan guddaadha. Jaarraa 19ffaa haalli afaan barsiisuu mala qo'annaa Laatiin bu'uureffachuudhaan waalteffamee afaan alaa qo'achuudhaaf qophaa'e. Kitaabonni yeroo sana qophaa'anis seerluga bu'uureffatanii qophaa'an. Caaslugni kunis seera afaanii amma tokko ibsuudhaan himoota gaggabaabaa fayyadamuurratti xiyyeeffata. Haala kanaan itti fufee booda tooftaan afaan barsiisuu ammayyaa uumame jechuun Richardsfi Rodgers (2001) ibsanii jiru.

Walumaagalatti, kaayyoleen waliigalaa afaan barachuufi barsiisuu walqunnamtii uumuufidha. Kun immoo kan galma gahuu danda'u dandeettiiwwan afaanii isaan

gurguddoofi dandeettiiwwan afaanii isaan xixiqqoo kaayyoo barbaadameef qixa sirriin oolchuudhaan barattoonni akka of danda'anii dandeettii waliigalaa akka gonfatan kan godhudha.

2.2 Maalummaa Caaslugaa

Afaan mala ilmi namaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti yaada, fedhii, hamilee isaa ittiin waliif ibsuu waan ta'eef meeshaa walqunnamtiiti. Malli kunis karaalee lamaan hojiirra oolfama. Karaan lammeenis waliin dubbiifi barreessuunidha. Dubbiin sagaleelee garagaraa sirnaan walitti fiduum yookiin qindeessuudhaan yaada, fedhii yookiin hamilee ofii ibsachuudha. Barreessuun immoo dhaamsuma sagaleedhaan himamu yookaan ibsamu sana mallattoolee sagaleelee bakka bu'aniin gargaaramanii dabarfachuudha. Meeshaa walqunnamtii tahuu isaatiin garlama (dubbataafi dhaggeeffataa yookaan bareessaafi dubbisaa) walqunnamsiisa. Seeraafi sirna ittiin waliif galuu dandeessisus niqaba. Seerichis afaanii afaanitti garaagara haa tahu malee afaan seera hinqabne hinjiru. Seerri afaan tokko ittiin bulu kun caasluga afaanichaati. (Abdulsamad 1994: 16)

Caaslugni maal akka tahe kallattiin dhiyeessuun ulfaataa ta'ullee, hojii kanaaf akka tolutti hiikka hayyoonni addaddaa kennan haalaallu.

Wasaneen (2010/ 2018: 22-23), maxxansa 14ffaa keessatti caaslugni jecha Ingiliffaa “grammar” jedhu waliin hiika walqixa kenna. Jecha “grammar” jedhamu kun immoo kuusaafi qarqaba jechootaa adda addaa keessatti yoo ilaalle “World Book of Encyclopedia” jedhu keessatti;

Grammar is the system by which a language functions the description of that system is called a grammar. All languages don't function in the same way. Latin depends heavily on changes in the forms of words. Chines stress on the pitch of the speakers voice. English emphasizes in the order of words. How ever many languages include all these features to same degree,

Kitaabni qarqaba jechootaa ta'e, “The new Encyclopedia of Britannica” jedhu keessatti immoo hiikni jecha caasluga (Grammar) jedhuu: “Rules of language governing the sound, words sentences and other elements as well as their combination and interpretation....The

word grammar also denotes the study of those abstract features or a book presenting the rules, jedheeti hiika kenna (1992: 410)”. Yaanni kunis caaslugni seera sagaleen, jechoonni, himoonni afaan tokkoo walitti qindaa’anii hiika kennuu danda’an kan to’atuudha yaada jedhu qaba. Kanuma irraa ka’uun caaslugni akkuma waliigalaatti seera afaan tokko ittiin dhaggeeffatamu, dubbatamu, dubbifamuufi barreeffamu akkasumas ittiin waliigalamu hoggana jechuu nidanda’ama.

Akkasumas galmeen jechaa ‘The Macmillan English Dictionary (2002: 618)’ “ Grammar is a set of rules that describe the structure of a language and control its combination,” jechuun hiika. Yaanni kunis kan ibsu caaslugni seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo kan to’atu akka ta’eedha.

Gama biroon qorataan afaanii O’Grady (1996:10),“Grammar is a mental system that allows speakers to form and interpret familiar and novel utterances,” jechuun hiika. Ergaan yaada qorataa kanaas caaslugni hojii sammuu kan dubbattoonni waan beekaniifi waan haaraa dubbatan akka uumuufi hiikuus danda’an kan eeyyamu tooftaa hojii sammuu raawwatuudha. Haaluma walfakkaatuun,xinqooqa keessatti seera qindoomina caasaalee, qabiyyeewwan himootaa, gaalewwaniifi jechootaa kan afaan kamiyyuu akka ta’eefi seerota kanas kan qoratu, kanneen akka xiinlatii(morphology), xiinhima(syntax)fi xiindhaamsaga(phonology), xiinsaga (phonetics), xiinhiika(semantics) hiikni yaadaas akka achi keessatti ilaalaman toorriinterneetii (<https://en-m. Wikipedia.org/ wiki/ Grammar>) yommuu ibsu, “In linguistics, grammar is the set of structural rules governing the composition of clauses, phrases, and words in any given natural language. The term refers also to the study such rules, this field includes morphology,syntax,and phonology,often complemented by phonetics, semantics,and pragmatics.” Kana jechuunis caaslugni xiinqooqa keessatti tuuta caasawaa seerotaa: jechoota,gaalee, ciroo,fi qidoomina barreeffama afaan tokkoo hogganuudha. Yaad-rimeen kun qu’annaa seerotaafi damee xiinsagaa, xiinjechaa, xiinhimaa, xiinhiikaa kan agarsiisuudha.

Yaadota hiika caaslugaarratti kenname yommuu ilaallu hiikni isaa tokkoofi tokko jechuurra yaadota kennaman ilaaluun gaarii ta’a. Haaluma kanaan caaslugni:

Seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo akka ta'e; Seeraa afaanichaas akka to'atuufi haala yookiin adeemsa jechoonni afaan tokkoo walitti qindaa'uun unka dheeraa hiika qabu uumuu danda'an ta'uu akka danda'u ilaaluun nidanda'ama.

Akka hayyuuleen adda addaa ogummaa barumsa afaan alaa yookin lammataarratti yaadxinaafi hojiirra oolmsaarratti hirmaatan ibsanitti, hiika caaslugaa isa dhiphaafi bal'aa jedhanii ibsuun nidanda'ama (Nasr, 1972; Ur, 1996; Free-man, 1991; Atkins and et al, 1995).

Hiikni caaslugaa inni dhiphaan maalummaa caaslugaa isa durii qofa osoo hintaane kaayyoo, tooftaafi xiyyeeffannoo afaan barsiisuu duubatti hafa hojii baruu barsiisuu afaanii kan haalaan ibsuudha. Maalummaan akkaakuu hiika kanaa, yoo ilaallamu, mala jechoonni adda addaa himoota sirrii ta'an ijaaruuf walitti qinda'aniidha. Hiikni kun caacculee afaanii adda addaa keessaa himoota qofa akka meeshaatti of keessatti qabata. Qaamota himootaa isa olittiifi gaditti argaman kan hiika (ergaa) guutuu dabarsuu danda'an kan hammate miti. Haala hiika kanaatin, Kaayyoon barnoota caaslugaa hiimoota haalaan sirrii ta'an ijaaru danda'uudha (Nasr, 1972). Ur (1996:75) yaaduma kana kan cuunfuu danda'u yoo kaa'u, "Grammar is sometimes defined as the way the words are put together to make correct sentences," jedha:

Akka waraabbii kanaatti, xiyyeeffannoo guddaan adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessatti kan laatamu sirruummaa himootaatiif waan ta'eef barattoonnifi barsiisonni waliindubbiifi barreeffamaa yookin shaakala dubbiitiifi barreeffamaaf bakka hin laatan. Haa ta'u malee, gosti hiika caaslugaa kun, akka Atkins and Et al (1995)fi Nasr (1972) jedhanitti, adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessatti jabeenya mataasaa niqaba. Innis, walitti dhufeenyi jechootaa hiika yookin ergaa tokko dabarsuuf baayyee barbaachsaa dha, (Abdii, 2016 :13)

Hiikni bal'aan caaslugaa (Comprehensive Meaning of Grammar) yoo isa dhiphaa kanaan madaalamu, caasaawwan adda addaa sadarkaa sagaleetii hanga qaamole dubbii yookin barreeffama himaa ta'anii ergaa guutuu dabarsuu danda'an mara; garaagarummaa sagaleessuu (Variation in Pronunciation), kan qubeessuu (Spelling Variation), haalota saala afaan adda addaa keessatti addaan baasaniifi kan kana fakkaatan kan dabalatuudha

(Ur, 1996:75). Akka yaada hayyuu kanaatti, rakkooleen adda addaa dubbii afaan lammataa keessatti muudachuu danda'an garaagarummaa caasaalee adda addaa afaanota adda addaa biroo keessatti mul'ataniidha. Hiikni kun, akka hayyuu kanaatti, gaafilee, "haalli hiika kana kan dhiphaatin walfakkeessu maali? qabxiileen hiikaalee lamaan adda godhan maal fa'i? jedhan deebisuu kan danda'uudha, (Abdii, 2016 : 14)

Qabxiileen akaakuu hiikaalee lachuu walitti fidan keessaa 'himni' akka qaama afaanitti fudhatamuufi tartiibni jechoota bakka guddaa qabachuu isaaniti. Akka hiika kanaatti, erga hiika qabaatanii qaamonni afaani martuu (Sagaleerraa hanga qaamota himaa oliitti jiran) fudhatama qabu, barumsi caasaafi hiikni (Meaning) qaamota afaanii hundi xiyyeeffannaa gaafatu. Walumaa galatti, akaakuun hiika caaslugaa kun kan yaadota adda addaa (Assumptions) hayyuuleen barumsa tooftaa waliindubbii caaslugaa ilaalchisanii teessisan kan fudhatuudha.

Kana malees, hiikni kun walitti bu'insa himteewwan haalota afaan lammataafi isa duraa kan salphisuudha (Nasr, 1972). Xiyyeeffannoon adeemsa barumsa afaanii haalota hawaasa afaan san dubbatu keessa jiru afaanichaan ibsuu, dogoggora uumuu sodaa salphisuu, caasaa afaanichaa dhalootaan barachuufi kan kana fakkaatan irratti. Haa ta'u malee, rakkoon ilaalcha kanaa guddaan seeronni mataa isaanitiin seerota osoo hintaane, fedhii (Tendency)dha. Kanaa jechuun seerri altokko caasaa tokko keessatti fayyadu si'a biroo seeraan ala ta'uu mala (Atkins and et al, 1995).

Akka ilaalcha adeemsa tooftaa waliindubbii caaslugaatti, caaslugni maloota (Meanses) ergaaleen adda addaa hojii waliindubbii keessatti ittiin ijaaramuu dha (Atkins and et al, 1995:82). Akka yaada hayyuu kanaatti dandeetti waliin dubbii guddisuuf walitti dhufeenya jechootaa qofa osoo hintaane haalonni yookin filannoowwan (Choices) namni dubbatu yookin barreessu tokko yaadasaa ittiin ibsuu danda'u marti barbaachsaadha. Kana malees, namni dhaamsa tokko dhagahee booda caasaa ergichi ittiin darbe qofa osoo hintaane hiikni inni itti laate, odeeffannoo ilaalcha saa haala jiru keessatti hiika inni laatu yookin argatu, kan kana fakkaatan kan of keessaa qabudha, Abdii (2016 : 14).

Akka ragaan toora interneetiirraa argame ibsutti,

Grammar is the way in which words are put together to form proper sentence. It is a set of structure rule governing the composition of clauses, phrases, and words in a given natural language. Grammar is the whole system and structure of language or of language in general, usually, taken as consisting of syntax, morphology and sometimes also phonology and semantics. Grammar is used to describe the rule that govern the linguistic behavior of a group of speakers. (<http://en.wikipedia.org/wiki/Grammar>)

Waraabbii armaan oliirraa akka hubatamutti, caaslugni karaa itti jechoonni afaan tokkoo walitti qindaa'uun hima ergaa guutuu qabu ijaaranidha. Afaan keessatti tuuta yookaan qindoomina caaslugaa kan to'atuufi ijaarsa ciroowwanii, gaalewwaniifi jechootaa kan hoogganudha. Dabalataanis, caaslugni sirna caasaa afaanii hunda akka walii galaatti kanneen akka xiinhimaa, xiinhiikaa akkasumas, yeroo tokko dhamsagaafi xiinhiika of keessatti hammata. Akkasumas seerlugni seera amala xiinqooqa dubbattoota garee tokkoo kan addeessudha.

Walumaagalatti, caaslugni haala jechoonni walitti dhufanii hima sirrii ta'e itti ijaaranidha. Kara biraatiin immoo adeemsa jechoonni afaan tokkoo walitti qindaa'uun uunkaa dheeraa hiika / ergaa qabu uumanidha. Kana malees, caaslugni tuuta / qirca dubbiifi uunkaaawwan kanneen afaan akka caasaafi seera qabeessa ta'etti gargaaranidha. Caaslugni kan of keessatti qabatu hima qofa osoo hin taae kanneen sadarkaadhaan himaa gad ta'an hedduu (sagalee, dhamsaga, jecha gaaleefi kkf) of keessaa qabaachuu isaati.

2.3 Qabiyyee Dandeettii Seerlugaa

Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015: 86) ibsanitti, dandeettiiwwan afaanii xixiqqoo keessaa qophii kitaaba barataa keessatti qabiyyeen ka'u tokko dhimma dandeettii seerlugaati. Seerluga barsiisuun afaan barsiisuufi barachuu keessatti dhimma baay'ee barbaachisaa kan ta'eedha. Haa ta'u malee, kophaa isaa osoo hintaane dandeettii dubbachuufi barreessuu waliin walsimannaa kan qabudha.

Akka caasaa afaanitti sagalee, dhamsagoota, latilee, jechoota, gaalee, hima, hiika ilaallachuu danda'a. Qabiyyeewwan seerlugaa kunneenis sadarkaa adda addaa

keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataa keessatti dhihaachuu qabu. Garuu, yeroo baay'ee afaan barachuu jechuun hunda caalaa seerota ykn caasaalee afaan sanaa sirriitti beekuudha jedhanii namoonni kaahan nijiru. Barreesitoonni biroon ammoo afaan tokko barsiisuu keessatti seerluga barsiisuun gahee xinnoo qaba ykn gahee homaa hinqabu jedhanii kaahu. Haa ta'u malee, barnoota afaanii keessatti caasaa afaanii tokko kophaatti xiinxaluunis ta'e, seerluga baarreeffama keessatti xiinxalanii qeequun dandeetti barbaada waan ta'eef sirritti baratamuu qaba.

Qabiyyeen barumsaaf dhihaatu sun ammo xindhamsaga keessaa waa'ee sagaleelee dubbifa- maafi dubbachiisaa, seera birsagaa, qindoomina sagalee ta'uu danda'a. Xiinlatii keessaa waa'ee latiilee, akaakuu latiilee , latiilee hortee fi umamatee, garee jechootaa, jechoonni afaan sanaa akkamitti akka umaman akkasumas ulaagaa garee jechootaa qoqqooduu ilaallachuu danda'a. Xiinhima keessaatti immoo waa'ee caasaa gaalee, miseensota gaalee, mataa gaalee, goosota gaalee, caasaa himaa, hima salphaafi xaxamaa, himootaa adda addaa tajaajila isaaniitiin, walsimannaa mathimaafi xumuraa, tajaajila gaaleewwanii hima keessatti dhimmoonni jedhan akka qabiyyee seerlugaatti shaakala waliin kitaaba barataa keessatti ka'uu danda'u. Xiinhiika keessattis waa'een hiika jechootaa, gaalee, himootaa, waa'een ergaa afaanii sadarkaa sagaleerraa kaasee hanaga dubbii bal'aa jirutti ka'uu danda'a.

2.4 Karaalee Caaslugni Kitaaba Keessatti Qophaa'u

Caaslugni yemmuu kitaaba keessatti akka qabiyyeetti dhihaatu karaa sadiin dhihaachuu danda'a. Isaanis: haala dhiheenya bu'aa (product approach), haala dhiheenya adeemsa (process approach) fi haala dhiheenya dandeettii (Skill approach)dha.

2.4.1 Haala Dhiheenya Bu'aa

Haalli kun yeroo baay'ee caasluga barsiisuuf unkarratti kan xiyyeeffatudha. Kunis kan xiyyeeffatu barattoonni seerota baratan irra deebi'anii akka jedhan, akka yaadataniifi seerluga akka ibsan taasisudha. As keessatti maddi beekumsichaa barsiisaa qofa waan ta'eef barattootni guutummaatti barsiisaarratti kan hirkatanidha. Haalli dhiheenya bu'aa rakkoo cimaa qaba. Kunis, barattoonni seerluga afaanichaa sirriitti beeku; garuu dareen alatti fayyadamuu hindanda'an.

2.4.2 Haala Dhiheenya Adeemsaa

Haalli dhiheenya adeemsaa kun seerluga ykn caasaa afaanichaa kanatti dhima bahuun of ibsuu yoo kan danda'an ta'edha jedhamee yaadama. Amalli inni guddaan seerluga haala dhiheenya adeemsaa, barattoonni waliin haasaa keessatti akka qooda fudhatan gochuudha. Kaayyoon haala dhiheenya kanaas inni guddaan seerluga baratan waliigaltee daree keessaafi alaatiif oolchuuf beekumsa walirraa fudhachuudha.

2.4.3 Haala Dhiheenya Dandeettii

Maloonni afaan barsiisuu hedduun akka jedhanitti afaan barsiisuun akkuma konkolaataa konkolachisuu, teenisii taphachuufi kkf ogummaadha. Barnoota caasluga barachuun kan danda'amu gochaan agarsiisunidha. Barsiisaan haala dhiheenya ogummaatiin fayyadamu tokko shaakalawwan ijoo ta'an lama raawwachu qaba: barattootni caasluga afaanichaa akka fayyadaman gargaaruuf mataa ofiitiif seerluga akka qayyabataniifi hiika isaa akka hubatan carraa kennuudha; baratoonni barnoota ofii akka karoofatan akka ofumaan cimanii fi dadhabina isaanii akka ilaalaniifi tarsiimoo gaarii caasluga ittiin baratan akka lafa kaa'atan gargaaruudha.

Walumaagalatti, haalonni dhiheenya armaan olii kan isaan irratti xiyyeeffatan qabiyyeen seerlugaa kanneen akka xiindhamsagaa, xiinsagaa, xiinlatiifi xiinhiikaa kitaaba barataa keessatti yemmuu qophaa'u dhimmoota hubatamuu qabanidha.

2.5. Haala Dhiheenya Seerlugaa Daree Barnootaa Keessatti

Dhimma tooftaa dhiheenya seerlugaa daree barnootaa ilaalchisee akka ragaan toorri interneetii <http://education.waikato.ac.nz/research/files/etpc/2006v5n1nar1pdf> ibsutti, "In teaching grammar there are two approaches that can be applied: deductive and inductive." Yaaduma kana yoo ilaallu, caasluga barsiisuu keessatti haalonni lama hojiirra ooluu akka danda'aniidha. Isaanis:

2.5.1 Haala Dhiheenya Dimshaashaa

Akka toorri interneetii kun ibsutti, "A deductive approach is derived from the notion that deductive reasoning works from the general to the specific. In this case, rules, principles, concepts, or theories are presented first, and then their applications are treated." Haalli didaaktiivii seera murtaa'aa kan waliigala tokkorraa ka'uun ibsa kennee haala

to'atamaniin kan hojjetanidha. Haaluma kanaan, seeronniifi yaaddiddamoonni jiran jalqaba ibsamani booda hojiitti jijjiirama. Kunis kan ta'u seerota barataman faana bu'uun dalagaalee kennameef kan ittiin hojjetaniidha. Akkaataama seerotaafi fakkeeniyota baratanirratti hundaa'uudhaan gaaffilee adda addaa hojjechuun kan danda'amuudha.

In the case of the application of the deductive approach Michael swan (cited in Thorn bury, 1999:32) out lines some guide lines for when the rule is presented. Among them are : The rules should be true; The rules should show clearly what limits are on the use of a given form;The rules need to be clear; The rules ought to be simple; The rules needs to make use of concepts already familiar to the learners, and the rules ought to be relevant.

(<http://education.waikato.ac.nz/research/files/etpc/2006v5n1nar1pdf>)

Haala dhiheenya diidaktiivii hojiirra oolchuu keessatti, Michael Swan (cite in Thorn bury, 1999:32) qajeelfamoota muraasa yommuu ibsu: Seerichi dhugaa ta'uu akka qabu; Seerichi haala ifaa ta'een unka kenname kan murteessu ta'uu qaba; Seerichi ifaa(clear) ta'uutu barbaadama; Seerichi salphaa ta'uutu irra jira; Seerichi qabiyyee barattootaan walsimu fayyadamuu akka qabuufi akkasumas, qabatamaa ta'uutu irra jira.

2.5.2 Haala Dhiheenya Murtaa'aa

Toorri interneetichaa ittuma fufuun haala dhiheenya indaaktiivii yommuu ibsu,

An inductive approach comes from inductive reasoning starting that a reasoning progression proceeds from particular (that is, observations, measurements, or data) to generalities (for example, rules, laws, concepts or theories) . In short when we use inductive we observe a number of specific instances an

d from them infera general principle or concept.

(<http://education.waikato.ac.nz/research/files/etpc/2006v5n1nar1pdf>)

Haalli dhiheenya kun wantoota salphaa ibsuun kanneen akka daawwannaa, safartuuwwan, ragaalee, garay aada walii gala tokkootti seerota adda addaafi yaaddiddamootatti akka dhufan kan taasisuudha. Yoo irratti waliigalan ammo barsiisaan

yaadichuma irra deebi'ee gabbisuun kan ibsu ta'a. Haaluma kanaan, gara seera walii galaa tokkootti dhufuun kan baratamuudha. Barsiisaan yemmuu haalota dhiyeenyaa kanaan gargaaramee barsiisu haala dhiyeenyaa gaarii yookiin sirrii ta'e filachuuf seenduubee barattootaafi yoomeessa baruu barsiisuun keessatti raawwatu xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba.

Barsiisaan yemmuu haalota dhiyeenyaa kanaan gargaaramee barsiisu haala dhiyeenyaa gaarii yookiin sirrii ta'e filachuufs eenduubee barattootaaf iyooimeessa baruu barsiisuun keessatti raawwatu xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba. Yaaduma kana Brown, (1987) yemmuu ibsu, "It is feasible to increase the success of teaching and learning both deductive and inductive approaches by choosing the right approach by taking account the learner profile and teaching setting."

2.6 Amala Caasluga Barsiisuu

2.6.1 Bakka Caaslugaa Afaan Barsiisuu Keessatti

Gaaffii "Iddoon caaslugaa barnoota afaanii keessatti maal fakkaata" jedhu deebisuuf, yaadawwan hayyuuleen adda addaa ibsan afur Ur (1969:76-78) qaacessee teessisee jira. Tokkoffaa, afaan tokko haalaan barachuudhaaf, akka yaada afaan dhalootaa hayyuuleen kaasanitti, qo'annoon caaslugaa hagsmara barbaachisaa miti. Akka fakkeenyaattis, kan ilaalamu haala yookin adeemsa afaan tokkoffaa ijoolleen itti barataniidha. Haa ta'u malee, Ur (1996:77) yaada kana yoosirreessu, "The important question is not whether teaching and learning grammar is necessary and or sufficient for language learning, but whether it helps or not" jedha. Akka warraabbii kanarraa hubachuun danda'amutti, barnoonni caaslugaa caasuma muraasa beekuuf qofa osoo hintaane akka mala yookin tooftaa beekumsa afaanitti barsiifamuu qaba.

Yaanni lammaffaan hayyuma kanaan ka'e, barataan tokko caasluga haalaan barachuuf kutaatti osoo hintaane, dhuunfaadhaan kitaabileerraa barachuu qaba kan jedhuudha. Kana malees, barattoonni fedhi qo'annoo seerota caaslugaa niqabu. Sababni barbaachisumma barumsa caaslugaa kutaan alaa haalaan ta'uu baatus sababni barbaachisummaa tooftaa barnoota waliin dubbiifi barreeffamaa caaslugaatiif ergaa jabaa dabarsa. Kunis, haala jiruufi jireenya barattoonni hawaasa keessatti beekan barnoota kutaa afaanii kessatti akka calaqaasiisan gochuun barumsa dhugoomaan baratan (Real Learning) agarsiisa.

Sadefaa, akkaataa himoonni caaslugaa itti ijaaraman barsiisuun haala hawaasummaa dhugaa ta'e barsiisuuf hingargaaru. Akka yaadiddama kanaatti, barattoonni akkaataa hiika qaamota afaanii kamiyyuu barachuu akka qabaniidha malee akkaata himoonni caaslugaa itti ijaaraman barsiisuun jireenya isaan jiraatan ergaa wanta ijaan mul'aturratti hundaa'e dabarsuuf gargaarsa hinkennu. Kunnis mataa isaatin barattooni barnoota afaanii jaalalaan, si'aayinaan akka hin baranne kan godhudha.

Arfaffaa, caaslugni gabbina barnoota afaanitiif faayidaa guddaa qaba. Akka yaada kanaatti, barnoota caaslugaa haala quubsaa ta'een barachuuf caaslugni iddoo guddaa qaba. Yaanni kun ilaalcha barnoota afaanii isa barsiifataa (Traditional View of Teaching Grammar) kan faallessuudha. Sababnisaas, caaslugni kan ilaalamu akka karaa kallattii (too'annoo) beekumsa afaanittidha.

Haa ta'u malee, Ur (1996) akka ibsutti barumsi caaslugaa si'aa'ina keessaa (Intrinsic Motivation) uumuurratti hanqina qaba. Gara birootin Batstone(1995:3) barbaachisummaa caaslugaa yoo ibsu, "Language without grammar would certainly leave us seriously handicapped," jedha.

2.6.2 Gahee Caasluga Afaan Barsiisuu Keessatti

Qaamota yookin caacculee adda addaa afaan tokko keessatti baratamuu qaban keessaa inni guddaan caasluga (Batstone, 1995:3). Gaheen barnoonni caasluga waliin dubbiifi barreeffamaa adeemsa baruu barsiisuu afaanii keessatti beekamoo ta'an keessaa (Atkins and et al, 1995: 83) walitti dhufeenya hirmaattoota lamaan (dubbataafi dhaggeeffataa / barreessaafi dubbisaa) jidduu jiru (haala murtaawaa ta'e keessatti); xiyyeeffannoo ergaa tokkoo akka walirraa hincinne (On going Discourse); yeroo gochi tokko itti dalagame; haala (Mood) adda addaa kan akka abdiif ofii, ta'uu malinsafi kan kana fakkaatan niargamu. Akka yaada hayyuu kanaatti, gaheen asiin olitti eeraman martuu hojiirra ooluu kan danda'an walitti dhufeenya jechootaatiin hima yookin qaama biroo ijaaruunidha.

2.7 Qaamota Caasluga Barsiisuu

Adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti, barnooticha ijaaruu yookin qindeesuun dura, gaafii "Maalan barsiisuu qaba?" (qabiyyee) jedhu of gaafachuun caacculee barnoota caasluga haalaan hubachuuf nigargaara Ur (1988:5). Akka ibsa hayyuu kanaatti,

amalloonni qaamota caasaa afaan tokkoo walxaxaa kan ta'eedha; muraasni isaanii afaan birootiin maqaa kallattiin qabu (Have Parallels); gariin isaanii caasaa walxaxaa, gariin salphaa qabu.

Kanaafuu, barsisaan qaamota caasichaa adda addaa dhiyeessu ogummaalee afaanichaatii (Language Skills)fi beekumsa afaanichaa (Language Knowledge / Form and Meaning) walsimsiisuudhaan barsiisuu qaba. Fakkeenyaaf, dhaggeeffannaa keessatti unkaa (Form) yookin caasaacaaslugichaa hubachuu, hiika caasicha dubbtamee dhaggeeffatanii hubachuu; dubbii keessatti itti fayyadama (Shaakala) caasichaafi hiika yookin ergaa dabarsuuf caasichatti fayyadamuu; dubbisa keessatti, caasaa barbaachise kana ijaan ilaaluudhaan hubachuu akkasumas hiika isaa beekuufi barreeffama keessatti fakkeenya adda addaa caasicha ibsan ijaaruufi caasichatti fayyadamuudhaan hiikasaa hubachuudha.

Jecha birootin, barnoota caasluga yoo jedhamu, qabiyyee adda addaa kan akka akkaataa caasaan caaslugicha dubbii keessatti hubatamu, haala inni barreeffama keessatti mul'atu, tooftaa inni hiika adda addaa haalota adda addaa keessatti dabarsufi kan kana fakkaatan kan of keessaa qabuudha (Ur, 1988).

2.8 Akkaataa Caaslugin Itti Baratamu

Pachler kitaaba isaa keessatti Batston's (1994) wabeeffachuun wanti amansiisaan sadarkaa caasluga olaanaafi dandeettii xiinqooqa hawaasaa barsiisa seerlugaa qabatamaa gochuufidha. Yaanni kun mala baruu barsiisuu of keessaa qaba .Barsiisaan caasaalee xiinqooqaafi seera isaa waliin ga'uuf mataduree tokko irraa mataduree biraatti darbuun isaa karoora keessatti hubannoo giddugaleessummaati. Wanti barbaachisaan caasaa afaanii haaraa hubachiisuuf irra deebi'anii hubachiisuu, caasessuufi irra deddeebi'anii caasessuudha. Kun kan inni fayyadu afaaniifi caasaa isa alaa habuurratan gara galteetti jijjiiruuf gargaara.

Barsiisota hedduudhaaf seerluga barsiisuun dursa kan kennamuuf caasaa yookiin seera afaanii karaa quunnamtii dubbii fi barreeffamaatiin barsiisuudha. Sababa kanaaf shaakallii dubbachuufi barreessuu sirrii ta'e afaan keessatti fayyadamuu irratti xiyyeeffata. Fakkeenyaaf. seera afaanii: kan inni bu'aa qabaatu gocha to'atamuufi hinto'atamne

barattoonni seera afaanii erga cimsatanii booda seera afaanii karaa dubbiifi barreeffamaatiin hojiirra oolchuutu irraa eegama.

Seerluga haala lamaan barsiisuun nidanda'ama. Isaanis karaa qajeelaa /overt/ fi karaa miti kallattii /covert/ jedhamuun addaan bahu.

a. Karaa Kallattii

Kun haala qajeelaa ta'een waa'ee seerlugaa yoo barsiisnedha. Yeroo kana barattoonni wanta nuti dhiyeessinu qajeelfama keenya irratti hundaa'uun nibeeku jedhameeti fudhatama. Ellis (1994) akka ibsetti, seerluga kallattiin barsiisuun shallaga baay'eedhaan dhufe. Xiinxalli afaanii dhimmoota xiinqooqaa ibsuuf fayyada. Beekumsi seerlugaa ifa ta'e afaanichumatti dabalamee baratamuu qaba. Barattoonni meeshaalee akka hiika jechootaafi kitaabilee seerlugaa of danda'anii barsiisaa isaanii irraa akka fayyadaman gargaara.

b. Karaa Miti Kallattii

Akka Teshoomaa Balaayinaafi Temesgeen Marabbaa ibsanitti, karaan kun immoo haala miti qajeelaatiin seerluga itti fayyadama keessa kan itti barsiifnudha. Kunis barreeffama dhiyeessuun ykn dubbii dhiyaatu tokko keessatti seerluga dhiyeessuudhaan barattoonni seerluga sana haala miti kallattii ta'een akka hubatan taasifna. Yeroo kanas xiyyeeffannoon barattootaa barreeffama irratti malee seerluga irratti miti. Walumaagalatti haalli miti kallattii kun karaa adda addaatiin dhiyaachuu danda'a. Fakkeenyaaf, haasawaa waliin, taphaan, baacoo fi kkf.

Dabalataan Handoyon Browniin wabeeffatee jedhutti daa'imman dhimmoota afaanii akka alkallattiitti baratu .Fakkeenyaaf, sagalee, hima, hiika seera galumsa afaanii fa'i. Haalli lamaan seerlugini itti dhiyaatu kunniin bu'aafi miidhaa mataa isaanii qabu .Kanaafuu akkuma barbaachisummaa isaaniitti lachanuu fayyadamuu qabna.

2.9 Yaadxina Caasaa Afaanii

Afaan kamiyyuu yaadiddama mataa mataa isaa niqaba. Kanaafis yaadiddama afaaniirratti hubannoon barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee:

Ga'een afaanii hojii barachuufi barsiisuu keessatti qabu karaa lamaan ilaalamuu danda'a. Karaan inni tokko, afaan barumsaa (medium of instruction) ta'uudha. Afaan tokko afaan barumsaa yoo ta'e akaakuwwan barumsaa kanneen birootu ittiin baratamu. Kun immoo saayinsiifi teekinoolooji ittiin dagaagsuuf carraa guddaa argamsiisa. Karaan inni lammaffaa barumsa afaanii 'Language instruction' ta'uudha. Kun immoo afaan tokko barachuufi barsiisuu ilaallata, Addunyaa (2011)

Kanaan walqabatee afaan barachuufi barsiisuun beekumsa caasaa afaan tokko horachuufi ogummaawwan afaanichaa gabbiffachiisuu irratti xiyyeeffata. Qorannoon kunis haala dhihaanna caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessatti hanqinaalee gama dhihaannaan mul'atan addaan baasuufis ta'e furmaata barbaaduuf yaaxxina ibsaa(theory of descriptive) gargaaramee jira. Caasaa afaan tokko yoo hinbeekne afaan barsiisuun rakkisaadha, Davies (1999). Hayyoon xiinqooqa hujoo (applied linguistic) hedduun isaanii afaanirratti saayinsii ammayyaa'aa ta'een fayyadamuun, caasaa afaan addaddaatti qoqqooduun ibsamuu akka qaban ibsu, Chomsky (2002). Akka mala xiinqooqa hujootti afaan barsiifamaa jirurraa yookiin yaaxxina afaaniirraa eegaluun akka qabu Addunyaan (2011) nama Cook (1989) wabeeffachuun ibsee jira.

There are two ways in which language related-problems in language can be approached. One is from the end of language teaching that is the practical end. We can identify and analyze language related problems that arise in language teaching sand then see what sort of linguistics knowledge is relevant for their solution . the other way is to start from the theoretical end, giving an account of the goals, scopes and findings of the knowledge yielded by them may, in the light of a practical experience of language teaching be relevant to the solution of language related problems, Allen and Corder (1975).

Waraabbii olii kanarraa kan hubatamu gufuu barumsa afaanii keessatti mul'atan irraa ka'uun furmaata rakkoo isaatiif beekumsa xiinqooqaatti fayyadamuufi xiinqooqa bu'uura taasifachuun rakkoo barumsa afaanii keessatti uumame addaan baasuufi furmaata barbaaduun akka danda'amu agarsiisa. Gabaabumatti, ragaan qabatamaa

yaaxina afaaniirraa eegaluun rakkoo mudate addaan baasuufi furuu barbaaduun maleenya xiinqooqa hujoo akka ta'e hayyoon kun nidubbatu.

Kana malees gilgaalonni caasaa afaanii barsiisuuf dhiyaatan mijataa ta'uu qabu. Kanarratti Nunan (1989) akka ibsetti, gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaarratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa'an irraa ka'uun gara gilgaalota too'anaan hojjetamaniitti deemama. Dhumarratti immoo gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisantu dhiyaata. Akka yaada Nunatti gilgaalli barnootaa dareetti dhiyaatu dandeettii barattootaan sadarkeeffamuun qindaa'uu qaba. Kunis yaada kamtu akka dura dhufuufi kamtu itti aanee akka dhufu qabu kan jedhuun walqabata. Sababnisaas hubannoofi dandeettiin barattooataa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa kan walgitu miti. Akkasumas daree barnootaa tokko keessaattis wal hinmadaalu.

2.10 Qorannoo Walfakkii

Qorannoowwan mata-duree kanaan walitti dhiheenya qaban gaggeeffamaniiru. Daani'eel bara 2015 mataduree “Xiinxala Ga'inaafi Hanqina Barreeffama Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa Haala Mana Barumsaa Qophaa'inaa Waadaraa irratti” adeemsifamedha. Kaayyoon qorannoo Daani'eelis, barreeffama dheeraa keessatti ga'inaafi hanqina barreeffama barattoota kutaa 11ffaa adda baasuu yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa immoo, haala dhihaannaafi ga'umsa gilgaalota barreessuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa keessatti adda baasuudha. Qorannoon kun qorannoo kana irraa kan adda ta'uu haala dhihaannaa fi ga'umsa gilgaalota shaakala ogummaa barreessuu irratti kan xiyyeefatu ta'uu isaati.

Qorannoon biroo kan qorannoo kanaan walitti dhiyaatu kan Kidaanee (2007 A.L.I) mata duree , “Qaaccessa Dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12 mana barumsa Qophaa'ina Mattuu,” jedhu irratti hojjetame yemmuu ta'u, qorannoo kanaan wanti walfakkeessu haala dhihaannaa kitaaba barataarratti ta'uu isaati. Garaagarummaan isaa immoo qorannoon Kidaanee, dhihaannaa gilgaalota hiika jechootaa kan qaaccessu yemmu ta'u, qorannoon kun immoo haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti xiinxaluudha..

Mata duree kana jalatti qorannoowwan hanga ammaaatti hojjetaman keessaa kan mata duree qorannoo "Xiinxala hojiirra oolmaa caasaa himaa waliin hamma tokko fakkeenya qabantu akka armaan gadiitti dhiyaate. Mulugeetaa (2012), "Qaaccessa Dhiyaanna Qabiyyee Jechootaafi Himootaa Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Keessatti." mata duree jedhurratti qorannoo gaggeessee yaada isaa bal'inaan ibseera. Argannoo isaatiinis haala dhiheenya himaa Afaan Oromooratti hanqinni jiraachuu isaa hubateera. Akkasumas kitaaba barataa Afaan Oromoo keessatti qabiyyee himootaafi qooddii himootaa ilaalchisee qabxiileen dhiyaatan muraasa ta'uu isaafi garaagarummaa qabaachuu isaanii mirkaneessera. Argannoo isaa irraa ka'uun qopheesitoonii yeroo kitaaba qopheessan ulaagaalee meeshaaleen barnootaa tokko guutee diyaachuu qabu ilaalcha keessaa galchuun qopheessu akka qaban eeree jira. Kanaaf qorannoo kun qabiyyee caasaa himaa irratti waan xiyyeeffatuuf kallattiidhaan mata duree qorannoo kanaa wajjiin walfakkaata.

Akkasumas Yiheeyis(1999) mata duree 'Caasluga Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa Barsiisuu' jedhurratti hojjete qorannoo kana waliin 'caasluga Afaan Oromoo' tahuurratti walfakkaatu. Garaagarummaan isaanii immoo haala dhihaannaafi barsiisuu akkasumas kutaa adda addaarratti geggeeffamuudha.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA

Boqannaa kana keessatti addeemsa qorataan qorannoo kanaa karaa saayinsaawaa ta'een tooftaa itti dhimma ba'u jechuunis qorannichi yaadiddama maaaliin akka geggeeffame, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname, akkamittiin funaanaama?, odeeffannootni eenyufa'ii? Mala maaliin filataman?, odeeffannoon kennames haala kamiin akka qaaceffameefi ibsamedha.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Malleen qorannoo addaddaatu jiru. Isaan keessaa mala qorannoo safarataafi qulqulleeffataa kaasuun nidanda'ama. Malli qorannoo safarataa ragaa argamu lakkoofasaan ibsuu yoo tahu malli qorannoo qulqulleeffataa immoo ragaalee funaanaman jechaan ibsuudha. Isaan kunniin lamaan immoo mala qorannoo makaa jedhamuun beekamu. Qorannoon kun xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa bara 2005 qophaa'eefi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessaa irratti kan xiyyeeffate ta'ee gosoota qorannoo keessaa mala addeessatti kan gargaarameedha. Ragaaleen qorannoo skanaaf walitti qabaman mala qorannoo safarataa (ammamtaa)fi qulqulleeffataatti (akkamtaatti) gargaaramee kan qaaceeffamedha. Kana jechuun qorannoo kun malleen qorannoo jiran keessaa mala qorannoo makaatti kan fayyadame yoo ta'u saxaxni isaa ibsa makaatiin kan gaggeeffamedha. Sababni gosoota qorannoo kanneen itti gargaarameef kaayyoon qorannichaa, xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo haala kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa bara 2005 qophaa'e keessatti mul'atuufi hojiirra oolmaa isaa adda baasuun kan qaaccesse waan ta'eefidha. Haaluma kanan, haala kanneen keessatti mul'atan adda baasee qaaccessee dhiyeesse. Qorannoon kun ammoo yemmuu adeemsifame meeshaaleen ragaalee ittiin walitti qabaman, malli filannoo iddattoo, maddoonni ragaalee, malli qindaa'inaafi qaaccesse ragaaleen ibsame.

3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessaarratti yoo ta'u, akkaataa ittiin (haala dhihaannaa) caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa keessatti dhiyaateefi hojiirra oolaa jiru kan xiinxaledha. Maddi ragaa qorannichaa kitaaba barnoota

Afaan Oromoo kutaa 11ffaa, barsiisota mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa bara 2012tti kutaa 11ffaa Afaan Oromoo barsiisaa jiran, akkassumas itti gaafatamaa muummee Afaan Oromooti. Sababni isaas haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi haala hojiirra oolmaa caaslugaa ilaalchisee ciminoota jiran jajjabeesuu, hanqinoota mul'atan adda baasuun kaa'uun waan barbaadameefidha.

3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannichaaf oddeeffannoo barbaachisu argachuuf qaamoolee kallattiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban: kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2005tti maxxanfame, itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo, barsiisotaa mana barumsa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti bara 2012tti barnoota Afaan Oromoo barsiisuurratti hirmaataa jiran keessaa mala iddatteessuu mit-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyootti gargaarame. Sababni qorataan mala kana filateefis haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaarratti mul'ataniifi haala hojiirra oolmaa isaa daree barnootaa keessatti ilaaluun hanqinaalee jiran adda baasuufi furmaata kennuuf filatamaadha jedhee waan yaadeefidha.

3.4 Madda Ragaa

Adeemsa qorannoo keessatti maddi odeeffannoo karaa lamaan argamuu kan danda'u yoo ta'u innis madda ragaa sadarkaa tokkoffaafi madda ragaa sadarkaa lammaffaati. Qoratichis yemmuu qorannoo kana geggeessu madda ragaa gosa tokko qofatti fayyadamuun ragaa funaanuun gahaa akka ta'e waan hubateef madda ragaa tokkoffaatti fayyadame. Kunis, qorannoo kana adeemsiisuuf akka madda ragaatti kan itti gargaarame odeeffannoo duraa (primary resource) irratti waan xiyyeeffatuuf kallattiidhaan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2005tti maxxanfame akka meeshaa qorannoo tokkootti itti fayyadameera. Dabalataan barsiisota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisaa jiran akkasumas itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoorraa kan argamedha.

3.5 Tooftaan Ragaan Ittiin Funaanamu

Qorataan qorannoo kanaaf oddeeffannoo qabatamaa ta'e argachuuf meeshaalee ragaan ittiin funaanamu qindeeffate. Meeshaalee ragaan ittiin walitti qabamu keessaa inni tokko haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa bara 2005 qophaa'e xiinxaluudha. Tooftaa ragaan ittiin funaanames madaalii qabiyyee

caasluga geggeessuunidha. Inni biroo immoo odeeffannoo afgaaffiin funaanuunidha. Afgaaffiin itti gaafatamaa muummeefi barsiisootaa Afaan Oromoo irraa haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaarratti jiruun hojiirra oolchhuu isaa irratti maal akka fakkaatu ragaa funaanuuf kan qophaa'edha. Akkasumas odeeffannoo barsiisotaafi itti gaafatamaa muummeerra argame dhugoomsuuf daawwannaan geggeeffame.

3.5.1 Sakatta'a Kitaaba Barataa

Meeshaan funaansa ragaalee kan jalqabaa qorannoo kana galmaan ga'uuf filatame sakatta'a kitaabaati. Adeemsa kana keessatti kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa iddoo caasaan caaslugaa ittii argaman adda bahanii sakatta'aman. Kunis bal'inaan kan irratti xiyyeeffatu qabiyyeen caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba kana keessatti haala akkamiin dhiyaatee akka jiru adda baasuufi haala kamiin akka dhihaachuu qabu ibsuudha. Walumaagalati, haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo akkamitti akka dhiyaatan kan keessatti sakatta'amanidha.

3.5.2 Afgaaffii

Meeshaan odeeffannoon ittiin funaanme keessaa tokko afgaaffii barsiisotaati. Sababa afgaaffiin barsiisota kanaaf dhiyaate immoo haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa gahaa akka ta'eefi hinta'iin addaan baasuufi sadarkaa hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessaatti ittiin ilaaluudha. Kana malees, akka Bestfi Kahn (1999) jedhanitti, namoonni deebii gaafatamaniif barreeffamarra dubbiidhaan deebisuu waan filataniif akkasumas gaafataanis carraa irra deebii'anii gaafachuu waan argataniif, meeshaan kun filatamaadha. Kunis barsiisaan sadarkaa kanatti kutaa kana barsiisaa jiruuf haaalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa maal akka fakkaatuufi daree barnootaa keessatti akkamiin akka hojiirraa oolchaa jirufi barsiisaa itti gaafatamaa muumme immoo caasluga ilaalchisee karoorri barnoota waggaaifi torbanii yommuu qophaa'anitti barsiisonni akkamitti akka qopheeffataniifi daree barnootaa keessatti mala akkamiin akka dhiyeessaa jiran akkasumas akkaataa ittiin tu'atan gaafachuunidha. Kanaafuu, hojiirra oolinsa qabiyyee caasluga Afaan Oromoo tooftaa tu'annoo karoora (planning), hojiirra oolmaan isaa ittiin adeemsifamu ilaalchisee

itti gaafatamaa muummee barnoota Afaan Oromoofi barsiisa hojii baruu barsiisuurratti sadarkaa mana barumsaatti jiraniif gaaffiin taasifame.

3.5.3 Daawwannaa Kutaa Keessaa

Daawwanaa meeshalee funaansa ragaa kan biraa ta'ee ragaalee qabatamoo fuulaa fuulatti itti dhiyaachuun yookiin biratti argamuun odeeffannoo funaanuudha. Kanaafuu, qoratiichi daawwan- naa kanatti dhimma bahuun odeeffannoo barbaachisu funaannachuun murteessaadha. Qorataan daawwanaatiin odeeffannoo funaanuuf barsiisaa afgaaffiin odeeffannoo funaane waliin ta'uun hojiilee daree barnootaa keessatti dhiyeenyaan ilaaluufi dhagahuun mala odeeffannoon ittiin guuramudha. Qorataan daawwannaa geggeessuuf qabxiilee mirkaneeffannaa sagal dabalee 'C' jalatti qopheessee haala barsiisaan ittiin barsiisaa jiruufi barattoonni barachaa jiran dareetti argamuun unka qophaa'e irratti kan ittiin guutamudha. Kunis caasluga Afaan Oromoo haala kitaaba barnootaa keessatti dhiyaateen daree barnootaa keessatti hojiirra oolaa jiraachuu isaa yookiin daree barnootaa keessatti akkamitti barsiisaa akka jiru qorataan unka mirkaneeffannaa daawwannaa qopheeffachuun daawwannaa daree adeemsisuun ragaa qindeesseera.

Haaluma kanaan daawwannaan kaayyoowwan qorannichaa kanneen galmaan ittiin gahumuuf filatame keessaa isa tokkodha. Kunis aanaa Giddaa Ayyaanna mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanna keessatti hojiirra oolmaa caasluga Afaan Oromoo kutaa 11ffaa daree barnootaa keessatti barsiisaan mala filatee ittiin barsiisaa jiru xiinxaluufi rakkoolee gufachiisan addaan baasee dhiyeessuudha. Haaluma kanaan hanqinoon afgaaffii keessatti mul'atan daawwannaa kana keessatti deebii argataniiru.

Kunis karoora barnoota waggaafi torbaniif karoorfame qabiyyeen caasluga Afaan Oromoo yeroo itti barsiifamu daree barnootaa keessatti argamuun kan daawwatamedha. Haaluma kanaan sababa Covid-19 Bitootessa 7, bara 2012tti manni barumsaa waan dhaabateef daawwii daree kana yeroo karoorfame keessatti hingeggeeffamanii tureera. Garuu, qajeelfama mootummaan naannoo Oromiyaa lakk. BBO/ 4-2G/2529/01/13 gaafa 24/02/2013 godinaalee 21 bareessee mataduree xiqqaa 2.3 qabxii 3ffaa jalatti barattoonni kutaa 6ffaa hanga 11ffaatti jiran guyyoota 45f qabiyyee barnoota waggaaf karoorfamee hafee jiru keessaa filatanii akka baratani xumuraniif Sadaasa 21 hanga Guraandhala 05,

bara 2013tti carraa barachuu kenne. Waajjirri barnoota aanaa Giddaa Ayyaanaa immoo torban sadifi jechuunis guyyoota 15f Sadaasa 21 hanga Amajji 09 / 2013 qofaaf akka baratan waan taasiseef yeroo gabaabduu kennamte kana keessatti sagantaa barnoota torbanii manni barumsichaa qopheeffateen qabiyyee caasluga Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti barsiisichi barsiisuuf karoora barnoota torbanii qopheessuun dhiyeesse hordofuun daree barnootaa keessatti yeroo 4 (afur) argamuun mala ittiin barsiisaan daree keessatti qabiyyee caasluga hojirra oolchu ilaaluun cheekliistii daawwii dareef qophaa'errattii adda baasee guutuun qorannoo kana ittin qaacessee dhiyeesseera.

3.6 Mala Odeeffannoon Ittiin xiinxalameefi Ittiin Hiikame

Odeeffannoon qorannichaaf barbaachisu meeshaalee addaa addaatiin walitti qabame. Haallii qindaa'ina qorannoo kanaa immoo adeemsa qorannoo keessaa malleen qorannoo safarataa (ammamtaa)fi qulqulleeffataa (akkamtaa) yookiin mala qorannoo makaa (mixed research) hordofuun kan qaaceffamedha. Sababni adeemsa kana akka hordofu ta'eef qorataan haala ragaan ittiin funaanameefi argamerratti hundaa'ee ragaa argame bakka itti dhiyeesseefi qindeesse waan tahananii mul'ataniifidha. Ragaan xiinxala haala dhihaannaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irraa argamu mala qorannoo safarataan (ammamtaan)fi mala qorannoo qulqulleeffataatti (akkamtaatti) yookiin mala qorannoo makaatti fayyadamuun kan ibsamedha. Akkasumas ragaan afgaaffiin barsiisotaafi itti gaafatamaa muummeerraa argamu mala qorannoo qulqulleeffataa (akkamtaa) kan ibsamu yoo ta'u, daawwiin daree barnootaafi ragaan argamu amanamummaan akkuma kennameen mala qorannoo qulqulleeffataatti (akkamtaatti) fayyadamuun qaaceffame.

BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO HIIKUUFU QAACCEESSUU

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen tooftaa garagaraatiin sassaabaman qaacceffamuun dhiyaatan. Kunis akkuma qabxii 3.6 mala odeeffannoon ittiin xiinxalamuufi ittiin hiikamu jalatti ibsametti, odeeffannoon adda addaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa ministeera barnootaa Itoophiyaatiin bara 2005 A.L.I qophaa'e, barsiisaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2012tti barsiisaa jiruufi itti gaafatamaa muummee barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa akka bakka buutuufi daawwii kutaa keessaan ragaaleen meeshaalee odeeffannoon walitti qabame qaacceffamee jira.

Adeemsa isaa ilaalchisee odeeffannoon deebii gaaffilee qabxii ijoo (Major Area) ta'an tokko bu'uura walitti dhufeenya odeeffannoon kun haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoofi hojiirra oolmaa kutaa barnoota keessaa waliin qabuun akkasumas ulaagaalee daawwii dareen haqa kutaa keessatti taa'aniin qaacceffamanii jiru.

4.1. Seenduubee Kitaabichaa

Ragaan jalqabaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaadha. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kun ministeera barnoota Itoophiyaatiin qindeessitoota sirna barnootaafi siilabasii barnootaa Oromiyaatiin bara 2005 A.L.Itti kan qophaa'edha. Kitaabni kun bara kana yoo qophaa'eyyu utuu hinfoooyeffamiin hanga har'aatti waggoota sadeetiif hojiirra oolaa kan jirudha.

4.2 Seenduubee Ragaa Kennitootaa

Ragaaleen biroo qorannoo kana keessatti qooda fudhatan bara 2012tti mana barumsichaatti barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisaa jiran keessaa barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisuufi itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo mana barumsichaa madda ragaa yoo tahan barsiisonni lama iddattoo ta'anii filatamaniiru. Lamaan isaaniyyu dhiira yoo ta'an sadarkaan barnoota isaanii immoo digirii lammaffaa kan taheefi lamaan isaaniyyu Yuunvarsitii Wallaggaarraa barnoota gannaafi dhuma torbeen barnoota isaanii kan xummuranidha. Akkasumas barsiisonni kunniin barnoota Afaan Oromoo barsiisuun muuxannoo yeroo dheeraa qabu. Kana irraa kan ka'e afgaaffii dhiyaate deebisuuf ga'umsa kan qabanidha.

4.3. Haala Dhihaannaa Qabiyyee Caasluga Kitaabichaa

Kitaabni barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoffaa kitaaba ministeera barnootaa Itoophiyaatiin bara 2005 A.L.I qophaa'ee hanga ammaatti hojiirra oolaa jirudha. Kitaabni barataa kutaa kudha-tokkoffaa kun boqonnaalee 17tti qoqqoodamee argama. Tokko tokkoo boqonnaalee keessatti gilgaalonni qabiyyee shaakala caasluga Afaan Oromoo shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti qopheeffaman sakatta'amanii jiru.

Qoratichi xiinxala kitaabaatiif cheekliistii dabalee 'A' irratti hundaa'uun gabatee gargaaramee ibsee jira. Gabateen kun akka waliigalaatti baay'ina barannoowwanii, gilgaalotaafi gaaffilee boqonnaa kam keessattiifi fuula kamirratti akka dhihaatan irratti kan xiyyeeffatedha. Ragaa gabateerraatti hundaa'uudhaan yaada matadurichaan walqabatan walbira qabuun ibsi dabalataa gabatee jalatti kennamee jira. Kana malees, qaacceessi sakatta'aa kitaabaa boqonnaa, barannoofi gilgaala heeruudhaan kan raawwatameefi ibsi kan itti kennameedha.

Lakk.	Matadureelee Ykn Qabiyyeewwan Jiran	Boqonnaa	Fuula Irratti	Barannoo	Baay'ina Gilgala	Baay'ina Gaaffii
1	Birsaga	1	14	4	1	39
2	Dhamjcharraa fufilee baasuu	1	17	4	1	19
3	Hima	1	20	4	1	16
4	Maqaaleefi Maqibsoota adda baasuu	2	35	2	1	45
5	Bamaqaaleen bakka duwwaa guutuu	3	52	5	1	16
6	Dhamjechoota	4	70	3	1	20
7	Walsimannaa matimaa, antimaafi gochima	5	79	2	1	11
8	Gaaleefi ciroo adda baasuu	6	94	3	1	38
9	Gosoota Himaa (Tajaajilaan)	7	104	3	1	15
10	Gosoota Himaa (Caasaan)	7	111	5	1	26
11	Henna Ammeennaa	8	119	3	1	20
12	Raawwima Ammeennaa	8	121	3	1	10
13	Jechoota Tishoo/ diigala	9	130	4	1	2
14	Henna Amsiiqaa	9	133	6	1	22
15	Henna Darbennaafi Raawwima Darbennaa	10	140	4	1	4
16	Henna Tarsiiqaa	11	149	4	1	3
17	Gochimaa	12	162	5	1	30
18	Henna Muranaa	12	163	5	1	3
19	Henna Muranaalaa	13	174	5	1	14
20	Akaakuu Gochibsootaa	14	182	4	1	14
Ida'ama					20	

Akka gabatee kana keessaatti ibsameen barannoowwan, gilgaaloonniifi gaaffileen qabiyyee caasluga Afaan Oromoo shaakalsiisuun dandeettii barattootaa cimsu jedhamanii yaadaman qopha'aanii jiru. Kunis gilgaalonni caaslugaa boqonnaalee kudha-afurii (14), barannoowwan kudha-ja'a (16), lakkoofsan digdama (20)fi gaaffileen dhibba sadiifi

jahaatamii toorba (367) tahan walduraa duubaan guutamanii kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhihaatanii jiru.

Haaluma kanaan boqonnaalee kudha-toorba (17) 100% qabiyyeewwan dandeetti afaanii barattoonni kutaa kanaa akka barataniif kitaabicha keessatti dhihaatan keessaa boqonnaalee kudha-afur (14) 82.35% keessatti gilgaalonni shaakala qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kennamaniiru. Walumaa galatti boqonnaalee kudha-arfan (14) keessatti gilgaalota (matadureelee) caasluga Afaan Oromoo digdamatu (20) ta'an caasluga Afaan Oromoo shaakalshiisuf qophaa'anii argamu. Boqonnaalee 17'n jiran keessaa gilgaalonni shaakalli caasluga Afaan Oromoo shaakalshiisuun keessatti hinkennamne immoo boqonnaalee sadii (3)17.65% qofa. Boqonnaaleen kunneenis boqonnaa kudha-shan(15), kudha-jahaa(16)fi kudha-toorba (17)dha. Haaluma kanaan madaalliin qabiyyee kun akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Gilgaalota qabiyyee caaslugaa dhihaatan kanneen keessaa boqonnaa gara boqonnaatti irra deddeebi'anii kan dhihaatan baay'ee baay'ee xiqqaadha. Kun immoo kitaaba kana keessa irra deddeebiin qabiyyeen caaslugaa akka hinjirre agarsiisa. Akkasumas irra deddeebii keessatti qabiyyeen dabalaa deemuun barbaachisaa waan ta'eef irra deddeebiin kun baay'ee kan mul'atu miti. Irra deddeebiin qabiyyee mul'atus hanga tokko dhamjeechaa, hennaa akkasumas hima qofaarrattidha. Kunis parsantiin yoo ilaalamu qabiyyeewwan caasluga kitaabichi of keessatti hammatee jiru keessaa parsantii 15 qofadha.

Ibsi ragaa kanarraa akka mul'isutti haalli dhihaannan qabiyyee gilgaalota caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa hanqina kan qabu ta'uu isaaati. Dhihaannaa gilgaalota qabiyyee caaslugaa Afaan Oromoo keessaa kan ogeeyyiin barnootaa xiyyeeffannoo itti kennan amma ta'e dhamjeechaafi hennaa akkasumas himadha. Akka qoratichi sakatta'a kitaabaarra mirkaneeffatetti, kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti gilgaalonni qabiyyee caasluga Afaan Oromoo shaakalsiisuuf qophaa'an akkaataa walitti fufiinsaa qabuun akka dhihaatuuf xiyyeeffannoon itti kennamee kan qophaa'e miti. Agarsiistu kanaa kan ta'uu danda'u kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa boqonnaalee kudha-torban kitaabichi qabu keessaa boqonnaalee sadii (17.65%) kanneen akka boqonnaa 15, 16fi 17 keessatti waa'een caasluga Afaan Oromoo shaakalsiisuu tasuma hindhihaanne. Akkasumas barannoowwan kitaabichi qabu 75(100%)

keessaa caaslugni barannoowwan 16 (21.33) qofa keessatti dhiyaate. Kitaaba barnoota kutaa kana keessatti barannoowwan 59 (78.66) qabatee kan jiru immoo dandeettiiwwan afaanii isaan gurguddoo dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu akkasumas dandeettii afaanii xixiqqaa keessaa hiika jechootaadha. Qabiyye caaslugaa dhihaatanillee muraasa isaaniiti qofa qofaatti of danda'anii dhihaachuu isaanii mul'isa. Isaan qofa qofaatti dhihaatan keessaa kanneen akka birsagaa, maqaaleefi maqibsota, bamaqaalee, walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa, gosoota himaa, gaaleefi ciroofi kkf fa'a kaasuun nidanda'ama. Kun ammo kitaabni kun guutummaatti hanqina qabaachuu isaa agarsiisa.

Akka Tashoomaan (1998) qindomina qabiyyee ilaalchisee ibsetti, qindoominni olee dhimmoota itti fufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u. Itti fufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaalltudha. Walduraa duuba dhufinsi immoo, tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa.

Yaada kanarra akka hubatamutti walitti fufinsi qabiyyee kan ilaalamu qabiyyichi haala tokkorra daddeebi'ee kan dhufu yoo ta'e qofadha. Kanaaf, kitaabni kutaa kudha tokkooffaa caaslugaatiin haala kana kan guutu miti. Kunis, sakatta'insi taasifame kan ibsu qabiyyeen baay'ee muraasa ta'aniin ala baay'een isaanii deddeebi'an kan hindhufne ta'uusaati. Kun ammo gama walitti fufinsa caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti yoo ilaalu boqonnaalee kudha-torban kitaabni barataa qabu keessatti qabiyyeewwan caaslugaa dhihaatan lakkoofsaan digdama ta'u. Kunis qabiyyee caaslugaa ilaalchisee kan mul'atu hanga boqonnaa kudha-afurii qofaatti yoo ta'u boqonnaalee kudha-shanii hanga kudha-torbaatti tasumaa hinjiru. Kun kan inni nama hubachiisu walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti rakkoon jiraachuu isaa agarsiisa. Kanarraa ka'uun, qabiyyeewwan dhihaatan kanneen keessaa sadii amma tokko amala walitti fufinsaa kan agarsiisaan yoo ta'u; kanneen hafan garuu irra deddeebi'anii kanneen dhiyaatam miti.

Akkasumas gilgaalonni dhihaatan amma tokko gosa caaslugaalee garaagaraa tahuu; haalli dhihaannaa caaslugaalee fakkeenyoota addaddaa malee waaa'ee maalummaafi akaakuu isaanii ibsi gahaan kan itti hinkennameefi hawwatummaa kan hinqabneefi baay'inaan

dhihaachuurratti immoo kan wal hinmadaalledha. Kun immoo haalli dhihaanna caasluga Afaan Oromoo shaakalchisuuf qophaa'an hanqina qabaachuu mul'isa.

Gama biroon haala dhihaanna kitaaba barataa tokkoo kan ittiin madaallu madaallii qabiyyee kitaabichaati. Madaalliin qabiyyee kitaabaa qabiyyee kitaaba tokkoo gad fageenyaan kan ittiin madaalludha. Meeshaa madaallii qabiyyee kitaaba tokkoo ittiin addaan baafannu keessaa cheeklistiin isa tokkodha. Isa tokko haa ta'u malee isaan armaan gadii akka meeshaa haala madaallii kitaabatti fayyaduu danda'u. Qabxiileen haala madaallii kunneen akka ciminaafi hanqinaatti bakka lamatti qoodamuu danda'u. Isaanis gama ciminaan : odeeffannoo /qabiyyee / gahaa qaba, tartiiba (progression/ sequence)fi muxannoo gahaa barattootaaf dhiheessee jiraachuusaa yoo tahan gama hanqinaan immoo: aadaa hawaasaa waliin hindeemu, nuffisiiadha (boring / repetitive)fi danddeettii afaanii murasa qofarratti bu'uureffatee dhiyaachuusaati. .

Kana malees meeshaan kitaaba barataa keessatti gilgaaloonni danddeetti afaanii adda addaatiif qophaahan ga'umsi isaanii ulaagaa madaallii gilgaalotaatiin safaramee ilaalamuu danda'a. Dhiimma madaallii shakallii ykn gilgaala waliin walqabatee akka ulaagaatti qabxiileen ka'uu danda'an sirrummaa qabiyyee. sadarkaa sanaaf kan madaalu ta'uu isaa, shaakala gaarii qabaachuu, sirrummaa gaaffilee, iftoomina gaaffilee, salphaadhaa gara cimaatti deemuu isaa, irra deddeebii qabaachuu, cimina dabalaa deemuu, raawwatamummaa qabaachuu, tartiiba siirrii qabachuu isaa, silabasii waliin walisimachuu isaa, qajeelfama sirriifi ifa ta'e qabaachuu, barataa hundaaf kan oolu ta'uu, mala barataa giddugaleessa taasise hojiirra olchuu isaa, barataan danddeettii afaanii isaa akka guddifatu carraa kennuu, fedhiifi sadarkaa barnoota barattootaa waliin walsimuu, danddeettiwwan afaanii hunda kan guddisu, fedhiifi eenyummaa barataa kan deeggaruufi kkf fa'aadha.

Hayyoonni madaallii meeshaalee barnootaa biroo ammoo qabxiilee dabalataa waa'ee madaallii qabiyyee kallattii biraatiin ibsanis ni jiru. Isa kanas madaallii keessoo jechuun waamu. Kanaafuu, madaalliin keessoon (Internal evaluation) madaallii gadifageenya qabu kan ittiin gaggeessinu ta'ee, danddeettiwwan akkaataa itti dhihaatan, taratiiba ittiin kaahaman, dubbisa filatame, walitti dhufeenya gilgaalotaafi qabiyyee akkasumas kaayyoo barumsichaa waliin qabu kan agarsiisudha.

Haaluma kanaan qorataanis ulaagaa madaalliin qabiyyee kitaabni barataa ittiin madaalamu danda'an armaan olitti ibsaman keessaa ulaagaalee: sirrummaafi iftoomina qabiyyee caaslugaa qabaachuu, qidoomina qabiyyee caaslugaa qabaachuu, shaakala qabiyyee caaslugaa gaarii qabaachuu, qajeelfama caaslugaa sirriifi ifa ta'e qabaachuu, sadarkaan caaslugaa barataa hundaaf kan oolu ta'uu, mala barataa giddugaleessa taasise ta'uu, irra deddeebiifi guddina qabiyyee caaslugaa qabaachuu isaa irratti hundaa'uun qabiyyee caasluga kitaabichaa madaaleera. Sirrummaafi iftoomina qabiyyee. caaslugaa qabaachuu

4.3.1 Sirrummaafi Iftoomina Qabiyyee Caaslugaa Qabaachuu

Ulaagaalee madaallii qabiyyee armaan olitti ibsaman keessaa haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa xiinxaluuf sirrummaa qabiyyee seerlugaa isa tokkodha. Akkasumas gaaffilee caasluga Afaan Oromoo kitaabicha keessatti dhiyaatan hangam akka sirriifi ifaa tahan xiinxalameera.

Qoratichi tokko tokkoo barannoo jalatti gaaffileen gilgaalotaa dhiyaatan qabiyyeen isaanii sirrii tahuu, sirriitti qubeeffamuufi jechoota ifa tahan qabaachuu, yaadrimee barachuu gaariirratatti kan hundaa'an ta'uu, qajeeltoowwan barachuu haala qophii kitaabaa hordofanii dhiyaachuu isaanii, barattoota kan barnootaaf sissi'eessu ta'uufi kkf. sirriifi ifatti kitaabicha keessatti haala gaariin dhiyaachuu isaanii mirkaneesseera.

Haa tahu malee, qabiyyeewwan caaslugaa kitaabichaa keessatti qophaa'an hunda akka ragaatti qorannoo kana keessaatti tarreessuun waan hindanda'amneef fakkeeniyota muraasa isaanii fudhanne haalaallu.

Haalumma kanaan akka fakkeenyaatti kitaabicha keessaa boqonnaa 2, barannoo 2:caasluga fuula 35, gilgaala 4 jalatti shaakala qabiyyee caaslugaa maqaafi maqibsaa qajeelfamoonniifi gaaffileen A- Ftti kennamaniifi boqonnaa 9: Injifannoo Walmorkii Olompikii, barannoo 6: Caasluga, Gilgaala 10: Shaakala Henna Amsiiqaa fuula fuula 133–134 irratti barattoonni henna amsiiqaa akka shaakalaniif qajeelfamoonniifi gaaffileen 1-3tti kennaman yoo ilaalle gaaffileen kunniin sirriitti qubeeffamuufi jechoota ifa tahaniin kan barreeffaman, yaadrimee barachuu gaariirratatti kan hundaa'an ta'uu, barattoota kan barnootaaf sissi'eessu ta'uusaa mirkaneesseera.

Fakkeenya 1a.

A. Himoota kanaan gadii keessaa maqaafi maqibsa addaan baasi. Ulaagaa irratti hundaa'uun addaan baafte barreessi.

1. Konkolaataan guddaan bitame.
2. Manni keenyaa guddaadha.

B. Jechoota armaan gadii akaakuu maqaalee beektu jalatti ramadi.

1. nama
2. muka
3. Jimmaa
4. Garasuu
5. Oromummaa

C. Maqibsoota hima armaan gaditti dhiyaate keessaa fakkeenya siif kenname faana bu'uun garee isaaniitti ramadi.

Fkn. gurraacha -- maqibsa bifaa gaarii – maqibsa amalaa

1. Guutaan ilma goota qaba. Akaakuu maqibsa _____
2. Aadde Badhaaneen arjaadha. Akaakuu maqibsa _____ (fuula 35)

Fakkeenya 1b.

Himoota armaan gadii keessaa kamtu waan amma godhamaa jiru agarsiisa?

A. Barsiisaan nagaa nu gaafate. B. Barattoonni alaa tapha adda addaa taphachaa jiru.

C. Barattoonni tokko tokko gilgaala hojjechaa jiru. (fuula 133 – 134)

Ragaan kitaaba barataa irraa argame kun wanti nama hubachiisu barattoonni gargaarsa tokko malee dhuunfaan isaanii gilgaalota shaakala qabiyyee caaslugaa kanneen salphaatti akka shaakalan kan taasisudha. Kanaafuu, qabiyyeen kitaabichaa sirrummaafi iftoomina qabiyyee caaslugaa kan qabu ta'uu nama hubachiisa.

Gama biroon akka qorataan xiinxaleen kitaabni kun qabiyyee inni of keessatti hammatee jiru irra jireessaan sirrii yoo ta'eyyu waa'ee gochibsaafi gosoota gochibsa kitaabaa barataa fuula 182 irratti ibsame sirrii akka hintaane hubateera. Sababni isaas, Afaan Oromoo garee jechootaa afur: garee maqaa, garee maqibsa, garee gochimaafi garee firoomsee qofa qaba. Kanas kitaaba barataa fuula 94 - 96, barannoo 3, gilgaala 5 jalatti keessattuu fuula 96 irratti Addunyaa (2010, 2011) wabeeffachuun waa'ee gaaleefi gosoota gaalee yommuu ibsu garee jechootaa afur (garee maqaa, garee maqibsa, garee gochimaafi garee firoomsee qofa) waan qabnuuf gosoota gaalees afur qofa akka qabnu

ibsa. Kanneen keessa immoo gareen jecha gochibsaa waan hinjirreef gaalee gochibsaa akka hinqabne agarsiisa. Kanarraa wanti hubatamu haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa sirrummaa qabiyyee caaslugaa gama gochibsaan akka hinqabnedha.

4.3.2 Qindoomina Qabiyyee Caaslugaa Qabaachuu

Ulaagaalee madaallii qabiyyee kitaabaa keessaa tokko qindoomina qabiyyee seerlugaa isaati. Akkaataa kanaan haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa qindoomina qabiyyee qabaachuufi dhabuusaa qorataan kitaabicha sakatta'uun addaan baasee jira.

Akka Tashoomaan (1998) qindoomina qabiyyee ilaalchisee ibsetti, qindoominni olee dhimmoota itti fufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u. Itti fufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaalltudha. Wal duraa duuba dhufinsi immoo tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa.

Yaada kanarra akka hubatamutti walitti fufinsi qabiyyee kan ilaalamu qabiyyichi haala tokkorra daddeebi'ee kan dhufu yoo ta'e qofadha. Kanaaf, kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha- tokkooffaa gama caaslugaatiin yoo ilaalamu haala kana kan guutu miti. Kunis, sakatta'insi taasifame kan ibsu qabiyyee baay'ee muraasa ta'een ala baay'een isaanii deddeebi'anii kan hindhufne ta'uusaati. Kun ammo gama walitti fufinsaatiin qabiyyeen caasluga hanqina qabaachusaa ragaan funaaname ni ibsa.

Fakkeenya 2a. Caasluga boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 8 shaakala birsagaa A hanga Gtti fuula 14fi 15, akkasumas boqonnaa 6, barannoo 3, fuula 94 – 96tti shaakala gaaleefi ciroo irratti dhiyaate yoo ilaalle jechoota kennaman birsagatti qooduurraa jalqabee hanga qaamota birsagaa caatootiin agarsiisuuniifi gaaleerraa gara cirootti gaaleewwaniifi ciroowwan addaan baasunn dhiyaateera.

A. Fakkeenya kanaan gadii hordofuun jechoota itti aanan birsagatti qoodi.

Fkn.

Jecha	birsaga	baay'ina birsagaa
dacha	da, chaa	2
Gurgurame	gur, gu, ra, me	4

Jecha	birsaga	baay'ina birsagaa
1. barumsa	_____	_____
2. ulfina	_____	_____

B. Fakkeenyi itti aanu gosa birsagaarratti xiyyeeffata. Fakkeenyicha qalbeeffachuun gaaffiiwwan itti aanan deebisi.

Fkn.

Jecha	birsaga	gosa birsagaa
lama	la, ma	birsaga banamaa
fardaan	far, daan	birsaga cufamaa

1. loomii 2. yoom 3. kurkure 4. taphatame (fuula 14-15)

Caasluga boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 8 shaakala birsagaa A hanga Gtti fuula 14fi 15, irratti dhiyaate yoo ilaalle jechoota kennaman birsagatti qooduurraa jalqabee hanga qaamota birsagaa caatootiin agarsiisuuttiifi boqonnaa 6, barannoo 3, fuula 94 – 96tti shaakala gaaleefi ciroo gaaleerraa gara cirootti gaaleewwaniifi ciroowwan addaan baasuutti waan dhiyaataniif haalli dhihaannaa ykn qindoominni kitaabichaa salphaadhaa gara cimaatti deemuu isaa kan mul'isudha.

Fakkeenya 2b. Boqonnaa 7: Industiriifi Sochii Tuuriizimii Addunyaa, barannoo 3, gosoota himaa tajaajilaan fuula 104-107fi barannoo 5, gosoota himaa caasaan, gilgaala 11, fuula 111- 114 hima himamsaarraa hanga hima gaaffiitti akkasuma immoo hima salphaarraa hanga hima dachaa xaxamaatti haala qindaa'aatiin dhiyaataniiru.

Hmoota kanneen maaltu walfakkeessa? Himnui salphaan gochima tokko qofa qaba.

1. Biqiltuun na bira jiraatti.
2. Barsiisaan nagaa nu gaafate

Himni dachaa ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol of keessaa qaba.

1. Dabalaan farda bite; Badhaasaan garuu harree bite.
2. Nyaata gaariin nyaadhe; kanaafuu, nagaatu natti dhagaa'ama.

Ciroowwan of danda'aa himoota armaan gadii keessa jiranu addaan baasii barreessi.

Himni xaxamaa ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi ciroo of danda'aa tokko qofa ta'a.

1. Yoo yaada kee jijjiirte, garee kana keessaa hari'amta.
 2. Ganamaafi galgala yoo hojjette, kutaa isa itti aanutti dabarta.
- A . Cirowwan hirkataa himoota armaan olii keessa jiranu addaan baasii barreessi.
B. Cirowwan of danda'aa himoota armaan olii keessa jiranu addaan baasii barreessi.

Himni akkasii ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol ta'a.

1. Bishaan hinuma dhugna, nyaata hinuma nyaanna, yoo gabbachuu dhabnellee.
 2. Teenyes, dhaabbanes, waan haaraa hinarginu.
 3. Yeroon achi geenyee gabaasa goonu illee, milkaa'uu hindandeenye.
- a) Cirowwaan hirkataa himoota armaan olii keessaa addaan baasii barreessi.
b) Cirowwan dhaabbataa himoota armaan olii keessaa addaan baasii barreessi.

(fuula 111- 114)

Kunis shaakala gilgaalotaa qabiyyee caaslugaa barannoo tokko jala jiranii gaaffii tokkoffaa hanga gaaffii dhumaatti; qabiyyeen caaslugaa boqonnaalee adda addaa jalatti dhiyaatan boqonnaa gara boqonnaatti sakatta'uun haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa qindoomina qabiyyee caaslugaa akka barattooni hubachuu danda'aniin salphaadhaa gara cimaatti kan qophaa'e qabaachuu isaa mirkaneesseera.

4.3.3 Qajeelfama Qabiyyee Caaslugaa Sirriifi Ifa Ta'e Shaakala Qabaachuu

Qajeelfamni shaakala qabiyyee caaslugaa ifa ta'e yoo jiraate barattooni salphumatti waan gaafataman hojjechuu akkasunas salphumatti barachuu danda'u. Kunis shaakalli isaan hojjetan dhunfaan, gareedhaan ykn lama lamaan ta'uu isaa adda baasee kaahuu

qaba. Qajeelfamichi ifa yoo ta'uu baate barattoonni akka hubatanitti hojjechuuf ykn hubachuudhaaf yeroo isaanii jalaa guba. Haaluma kanaan qorataan haalli dhihaannan caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barnoota kutaa 11ffaa qajeelfamoonni isaa sirriifi ifa tahuufi tahuu dhiisuu isaanii sakata'eera.

Fakkeenya 3a. Akka ragaatti qabiyyee caaslugaa kitaabicha keessatti Boqonnaa 5 mataduree 'Eenyutu Haafuudhu?' jedhu jalatti Barannoo 2: Caasluga, Gilgala 4: Shaakala Wal-simannaa Matima, Aantimaafi Gochimaa irratti qajeelfama jiru yoo ilaalle qajeelfama shaakala wal-simannaa matima, aantimaafi gochimaa iftoominaa kan qabuufi barattoonni salphaatti hubachuu kan danda'anidha.

A. Himoota armaan gadii keessaa matima, aantimaafi gochima baasuun bakka duwwaa kennamerratti barreessi.

1. Jaarsaafi jaartiin gorsa laatan.

2. Ijoolleen warri jajjaboon sun maatii quubsan.

matima _____

matima _____

aantima _____

aantima _____

gochima _____

gochima _____ (fuula 79)

Fakkeenya 3b. Akkasumas ragaan kitaaba barataa boqonnaa 12 dubbisa mataduree 'Bifa Jireenyaa Hawaasa Sirna Gadaa' jedhu Barannoo 5: Caasluga fuula 162-164tti jiru maalummaa gocimaa, akaakuu gochimaafi afaan seera mataa isaa waan qabuuf gochimni Afaan Oromoo keessatti dhuma himarra akka dhuftu kan agarsiisudha.

Gochima jechuun maal jechuudha ? Fakkeenya armaan gadii ilaali.

Ani nyaadhe.

Ati nyaate.

Isin nyaattan.

Isheen nyaatte.

Jechoonni dhumarratti argaman gocha raawwatame agarsiisu. Jarri kun xumurtoota yookiin gochima jedhamu.

Akaakuu Gochimaa

Gochimni gosoota adda addaa qaba. Ibsa armaan gadii dubbisi.

A. Gochima Darbeeyyii

Fkn. Dabalaan marqaa nyaate.

Gochima kana yoo hubattee ilaalte gochi mathimni(subject) irraa gara antimaatti (object) darba.

B. Gochima Faaldarbeeyyii

Fkn. Badhaatuun teesse.

Fakkeenya kana keessatti gochi mathima irraa gara antimaatti darbu hinjiru. Kana jechuun gochi hojjetamu matima irratti hafa.

C. Gochima Walqabsiituu

Fkn. Dhaabaan abbaa ilmaa ta'e.

Gochimoonni fakkeenya kana keessa akka walqabsiistuutti fayyadu.

D. Gochima Ta'umsaa

Fkn. 1. Daraartuun atileetiidha.

2. Inni obboleessa kooti.

Gochimoonni kun wanti tokko maal akka ta'e agarsiisu.

E. Gochima Gocha Agarsiisu

1. Ishiin kitaaba dubbiste.

2. Inni kitaaba bite.

Gochimoonni fakkeenya kana keessaa gocha agarsiisu.

Kun immoo qajeelfamni shaakaloota qabiyyee caaslugaa haala qophii kitaabichaa keessaa jiranii qajeelfama sirriifi ifa ta'e qabaachuu isaanii namatti agarsiisa. Kanaafuu, haalli qophii kitaabichaa qajeelfama shaakala qabiyyee caaslugaa gaarii kan barattoonni salphaatti hubachuufi hojjechuu danda'an qabaachuu isaa qorataan mirkaneesseera.

4.3.4 Shaakala Qabiyyee Caaslugaa Gaarii / Gahaa Qabaachuu

Kitaabichhi shaakalli qabiyyee seerluga gaarii adda addaa qabaachuu isaa madaaluuf gilgaalonni gosa adda addaa jiraachuu isaanii, shaakaloonni jiran dandeettii waliigaltee

barattootaa cimsuuf gargaaruu isaanii, shaakalonni qabiyyee caasluga kunniin waan barattoonni dhuunfaadhaan, gareedhaan ykn lama lamaan waan hojjatamu qabaachuu isaafi shaakaloonni jiran barattoonni waan qabatamaan jireenya isaanii keessatti itti fayyadamuu kan danda’anii ta’uu isaan qabiyyee kitaabichaa madaaluun nidamda’ama.

Yaadolee kanneen bu’uureffachuun qorataan haalli dhihaannan caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa shaakala qabiyyee caasluga Afaan Oromoo gaarii gosa adda addaa qababaachuufi dhiisuu isaa mirkaneessera. Haaluma kanaan akka fakkeenyaatti kanneen armaan gadii yoo ilaalle:

Fakkeenya 1a. Boqonnaa 6 dubbisa matadureen isaa ‘Addunyumma’ jedhu jalatti barannoo 3 gilgaalli 5C- Etti qabiyyee caaslugaa shaakala gaaleefi ciroo of jalatti hammatee jira.

C. Armaan gaditi gaaleewwan roga ‘A’ jalaatiif fakkeenya isaanii roga ‘B’ jalatti dhiyaatanii jiru. Fakkeenya inni kam gaalee isa kamiif akka ta’u filadhuutii walitti firoomsi.

A

B

1. Gaalee maqaa

A. Mana dhugaatii jibbe

2. Gaalee maqibsaa

B. Waa’ee barnootaa

3. Gaalee gochimaa

C. Firarratti

F. Guddina biyyaatiif gaarii

4. Gaalee durduubee

D. Laga bunaa

G. Lafa

E. Sangaa foonii furdaa sana

D. Himoota armaan gadii gaalee maqaafi gaalee gochimaatti addaan qoodi.

1. Qabeenya biyyaa kunuunfamuu qaba.

2. Barsiisaafi barataan waliin hojjechuu qabu.

3. Naamusni gaariin hawwii hawaasa keenyaati.

E. Himoota armaan gadii keessaa mataa, miiltoowwaniifi murteessitoota gaalee addaan baasi.

1. Caaltuun ashaboo quuroo tokko na gaafatte.

2. Bishaan fayyaaf gaariidha.

3. Hellaan akka Daraartuu fiigichaan cimtuudha. (fuula 95)

Akka fakkeenyaatti boqonnaa 6, barannoo 3 caasluga, gilgaala 5C – E jalatti dhiyaate shaakala qabiyyee caaslugaa gaaleerratti xiyyeeffachuun kitaaba barataa fuula 95 irratti gosoota gaalee, mataa, miiltoowwaniifi murteessitoota gaalee addaan baasuun kitaabichi shaakala qabiyyee caaslugaa gahaa qabaachuu; shaakaloonni jiran dandeettii barattootaa cimsuuf kan gargaaran tahuu; shaakaloonni jiran hojiilee dhuunfaan hojjetaman gaha qabaachuu isaa hubachiisa. Kanaafuu, kitaabni barataa kutaa 11ffaa kun shaakalli qabiyyee caaslugaa gaarii adda addaa qabaachuu isaa qorataan mirkaneesseera.

Fakkeenya 1b. Kitaabuma kana keessaa boqonnaa 1 dubbisa matadureen isaa ‘Afaan Akamitti Jalqabame?’ jedhu barannoon 4 gilgaala 8E qabiyyee caasluga shaakala birsagaa qabatee argama.

E. Gabateen kanaan gadii shaakala adda addaa olitti birsagarratti taasisame keessatti hubannoo arganne madaala. Kanaafuu, gareedhaan ta’uun jechoota gabaticha keessatti dhiyaatan shaakalaa.

Jecha	Birsaga	Gosa Birsagaa	Baay’ina Birsaga	Caasaa Birsaga

(fuula 15)

Fakkeenya 1c. Akkasumas boqonnaan 6 dubbisa matadureen isaa ‘Addunyumma’jedhu barannoo 3 gilgaala 5B jalatti qabiyyeen caasluga shaakalliin gaaleefi ciroo dhiyaataniiru.

B. Kanneen keessaa gaaleefi ciroo addaan baasi. Maalirratti hundoofttee akka addaan baaftes hiriyoota kee waliin irratti mariyadhu.

1. Dargaggeeyyiin waan seexaa qabaniif, da’oo biyyaati.
2. Bosona kunuunsuun balaa faalama qilleensaarraa ilaalaa nama baraara.
3. Addunyummaan bu’aa saayinsiifi teeknooloojiiti.
4. Erga waraabessi darbee sareen dutti.
5. Jabaattee yoo qo’atte barumsa keetiin nicimta. (fuula 94)

Gama biroon akka ragaatti fakkeenya 1b fi 1c armaan olii boqonnaa 1, barannoo 4, gilgaala 8E, fuula 15 irratti waa’ee caasaa birsagaaf, gosoota birsagaa, baay’ina birsaga,

caasaa birsaga gareedhaan akka shaakalan akkasumas boqonnaa 6, barannoo 3, gilgaala 5B, fuula 94 irratti waa'ee gaaleefi ciroo ulaagaa maalirratti hundaa'anii akka addaan baasan hiriyyoota isaanii waliin akka hojjetan kennaman yoo ilaalle kanneen gareedhaan barattoonni akka hojjetan kitaabicha keessatti qophaa'an lama qofa qabaachuu isaa agarsiisa . Kun wanti namatti agarsiisu kitaabichi shaakalli qabiyyee caasluga barattoonni akka gareen ykn cimdiin shaakalan kan hafeeru miti. Imaammanni barnootaa yeroo ammaa immoo barattooni waliin akka hojjetaniif carraa kan saaqudha. Kanaafuu, kitaabichi shaakalli qabiyyee caaslugaa barattoonni dhuunfaan shaakalan gahaa qabaachuu malee kanneen barattoonni gareen shaakalan gahaa akka hinqabne qorataan mirkaneesseera.

4.3.5 Sadarkaa Sanaaf Kan Madaalu Ta'uu

Madaallii qabiyyee kitaabaa geggeessuuf ulaagaalee madaallii qabiyyee jiran keessaa qabiyyeen caaslugaa sadarkaa sana kan madaalu tahuun ulaagaalee isa biroodha. Qorataanis ulaagaa kana irratti hundaa'uun haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa qabiyyeen caaslugaa sadarkaa kutaa sanaa kan madaaluufi kan hinmadaalle ta'uusaa xiinxaleera.

Akkaataa barachuu barattootaarratti hundaa'uun daree barnootaa tokko keessa barattoota gosa sadiitu jiru. Isaanis barattoota qaxalee kanneen barnoota dafanii hubatan; barattoota giddu galeessa kanneen dafaniis suutas utuu hintaane giddugalaan barnoota isaanii hubataniifi barattoota suutee kanneen barnoota suuta hubatanidha. Isaan kunis amala karaa barnoota isaanii ittiin hordofan kan mataa mataa isaanii niqabu. Gariin isaanii barsiisaan isaanii daree barnootaa keessatti yommuu inni barsiisu irra caalaatti yaad-qalbiin dhaggeeffachuun kan baratan yoo ta'an gariin immoo dhaggeeffachuurra yaadannoo barsiisaan kennuufi kitaabilee addaddaa dubbisuun hubachuu jaallatu.

Akka fakkeenyaatti, boqonnaa 1, fuula17, barannoo 4, gilgaala 9fi boqonnaa 4, fuula 70, barannoo 3, gilgaala 5 jalatti waa'een dhamjechaa maalummaa isaarratti ibsi tokkole hinjiru. Akkasumas qabiyyeen caaslugaa kitaabicha keessatti haala walitti fufiinsa qabuun boqonnaa 15, 16fi 17 keessatti waa'een caaslugaa hindhiyaatiin hafuun barattoota hundaaf akka hinoole isa taasiseera.

Fakkeenya 4a. Boqonnaa 4 dubbisa matadureen isaa ‘Hirmaannaa Dubartootaa’ barannoo 3 gilgaala 5 jalatti shaakalli qabiyyee caaslugaa dhiyaatan waa’ee dhamjecha akka ragaatti haalaallu.

A. Fakkeenya armaan gaditti kennamerratti hundaa’uun dhamjecha, hundee, fufii (hortee fi yaasaa/ uumamtee) addaan baasi.

Fkn Qabame {qab-} dhamjecha hundee

{-am-} fufii yaasaa

{-e} fufii hortee

Gargaarsisan {gargaar-} hundee jechaa

{sis-} fufii yaasaa

{-n} fufii hortee

1. deeman 2. gulufame 3. qarate 4. qochisiise 5. horate

6. nama 7. horii 8. gaangeedhaan 9. diimesse 10. diimaa 11. kute

B. Fufiilee hortee fi uumamtee waliin makamarii armaan gaditti dhiyaatan gabatee itti aanee jiru keessatti addaan baasiitii barreessi.

- maata -am- - oota -aa - e - n - lii - a - an -t- - lee - uummaa

fufii hortee	fufii yaasaa
- e	- maata

C. Jechoota kanaan gadirraa fufii hortee fi fufii uumamtee baasi.

1. namoonni _____

2. gamnummaa _____

3. manneen _____

4. milkaa’ina _____

Fufii hortee fi fufii yaasaan garaagarummaa qabu. Fufii horteen tajaajila caasulгаа kanneen akka lakkoofsa, haala raawwii, maayii (case), kooriyaafi wkf agarsiisa. Fufii uumamteen (yaasaan) garuu, garee jechoota ykn hiika jijjiiruurratti xiyyeeffata.

(fuula 70)

Fakkeenya 4b. Akkasumas boqonnaa 3, barannoo 5, gilgaala 9 shaakala bamaqaalee yoo dabalataan ilaalle:

A. Bamaqaalee armaan gaditti dhiyaatan keessaa filachuun bakka duwwaa siif kennaman guuti.

isa	nuyi	isa	isaan	ati	ani	koo
ishee	nu	inni	isaaf	kee	ana	na

1. Eyyama warra _____ malee deemuun miidhaa _____ irraan ga'uu danda'a.
2. Haati isaa akka _____ dafee gara manaatti deebi'u feeti _____ garuu dhiisifatee gala.
3. Haati warraa _____ garmalee miidhaagdi. Inni garuu godeessa.
4. Misooma biyyaa _____ ariifachiisuuf harka walqabannee haakaanu.
5. Inni _____ barbaada, _____ garuu orma filatte.

B. Bamaqaaleen armaan gadii dubbisicha keessaa bahan. Bakkichatti maal akka bakka bu'an ibsa.

- | | |
|-----------------------------|------------------------|
| 1. Amala isaa (keeyyata 1) | 2. Kunis (keeyyata 2) |
| 3. Isaaniitti (keeyyata2) | 4. Isaan (keeyyata 7) |

C. Bamaqaaleen kanaan gadii bakka matimaafi bakka aantimaa galuu danda'u. Bakka kana lamaanitti addaan qoodi.

isa	ishee	nuyii	keessan	ani	isaa	isheen	isin
Inni	isaan	keenya	kee	koo	jira	ati	ana

Bamaqaalee bakka matimaa	Bamaqaalee bakka aantimaa

(fuula 52 – 53)

Haala kanaan qabiyyeen caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa keessatti barattoonni akka shaakalaniif qophaa'e sadarkaa hubannoo barattootaa addaddaaf akka ta'uufi muuxannoo barattoonni qabaniin kan wal hinlsimne waan ta'eef barattoota hundaaf kan hinooledha. Kanaafuu, haalli dhihaannan qabiyyee caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barnoota kutaa 11ffaa barattoonni akka shaakalaniif kenname kun barattoota dandeettii barachuu addadaa qaban hundaaf akka oolu ta'ee kan hinqophoofne ta'uu isaa qoratchi sakatta'ee addaan baasee jira. Sababni isaas qabiyyeen caaslugaalee kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'an ibsaafi fakkeenya gahaa qabatani dhiyaachuu dhabuu irraa kan ka'e barattoonni hundi qabiyyee caaslugaa dhiyaate hubachuu hindanda'an

4.3.6 Mala Barataa Giddugaleessa Taasisa Ta'uu

Gosoota mala baruufi barsiisuu hayyoonni qixa garaagaraan qoqqoodanii ilaalu. ICDR (1999) irraatti malli baruufi barsiisuu akka qoodamuu danda'uufi qoqqoodinsa kana keessattis isa tokko isa kaan irraa adda baasuun rakkoo ta'aa tureera. Haa ta'u malee, mala kana akka armaan gadiitti heeraniiru. Innis mala barataa giddugaleeffateefi mala barsiisaa giddugaleeffateen ta'eera Mala barataa giddugaleeffate jechuun barattoonni yeroo mara hojii hojjetamu keessatti qooda guddaa qabu jechuudha. Kunis kan barattoonni walirraa baratan; kan barsiisaan kallatti qofa itti agarsiisu; kan barataan ofiin dhama'ee bira gahuufi kkf.dha. Barsiisaa kan giddugaleeffate immoo hojii guddaa daree keessatti kan hojjetu barsiisaa qofadha.

Haaluma kanaan imaammanni barnoota Itoophiyaa yeroo ammaa mala barataa giddugaleessa taasisaan geggeeffamaa jira. Qophiin kitaabilee barnootaa afaanis mala barataa giddugaleessa taasisate kana hojiirra oolchuuf akka tahutti qophaa'anii argamu. Kitaabilee barnootaa kanneen keessa kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa isa tokko waan taheef qorataan haalli dhihaannan caaslugaa Afaan Oromoo kitaabicha keessatti mala barataa giddugaleessa taasisaan kan qophaa'e tahuufi tahuu dhabuu adda baasee jira. Kanas akka fakkeenyaatti ragaa kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessaa fudhannee yoo ilaalle:

Fakkeenya 5a. Boqonnaa 1 dubbisa mataduree isaa 'Afaan Akkamitti Jalqabame?' jedhu barannoo 4 gilgaala 8 jalatti qabiyyeen caasluga shaakalaaf dhiyaate waa'ee birsagaa barattoonni gareedhaan akka shaakalan kan taasisudha.

E. Gabateen kanaan gadii shaakala adda addaa olitti birsagarratti taasisame keessatti. hubannoo arganne madaala. Kanaafuu, gareedhaan ta'uun jechoota gabaticha keessatti dhiyaatan shaakalaa.

Jecha	Birsaga	Gosa Birsagaa	Baay'ina Birsaga	Caasaa Birsaga

(fuula 15)

Fakkeenya 5b. Akkasuma boqonnaa 6 dubbisa mataduree isaa 'Addunyummaa' barannoo 3 gilgaala 5 jalatti qabiyyeen caasluga shaakalaaf dhiyaate waa'een gaaleefi ciroo barattoonni hiriyyoota isaanii waliin akka hojjetaniif/ shaakalaniif kan hafeerudha.

B. Kanneen keessaa gaaleefi ciroo addaan baasi. Maalirratti hundooftee akka addaan baafte hiriyyoota kee waliin irratti mariyadhu.

1. Dargaggeeyyiin waan seexaa qabaniif, da'oo biyyaati.
2. Bosona kunuunsuun balaa faalama qilleensarraa ilaalaa nama baraara.
3. Addunyummaan bu'aa saayinsiifi teeknooloojiiti.
4. Erga waraabessi darbee sareen dutti.
5. Jabaattee yoo qo'atte barumsa keetiin nicimta. (fuula 94)

Kunis qajeelfamoonni shaakalli qabiyyee caaslugaa barattoonni akka shaakalaniif kennaman irra caalaan barattoonni dhuunfaa isaaniin akka shaakalan kan taasisudha. Garuu, bakka lama qofatti barattoonni gareenfi hiriyyota isaanii waliin akka shaakalan kan ibsudha. Kun immoo kitaabni barnootaa kun mala barataa giddugaleessa taasisen kan hinqopheeffamne ta'uu akka agarsiisu qoratichi sakatta'eera. Kanaafuu, haalli dhihaannaa qabiyyee caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa gama barataa giddugaleeffachuun hanqina qabaachuu isaa qorataan addaan baaseera.

4.3.7 Irra Deddeebiifi Guddina Qabiyyee Caaslugaa Qabaachuu

Ulaagaalee madaallii qabiyyee kitaabaa keessaa irra deddeebii qabaachuun isa tokkodha. Qabiyyeen barnoota tokkoo irra deddeebii qabaachuun immoo hubannoo barattoonni barnooticha irratti qaban cimsa. Haaluma kanaan qorataan haala dhihaannaa caasluga

Afaan Oromoo kitaabni barnootaa kutaa 11ffaa kun irra deddeebii qabaachuu isaa yoo xiinxalu kitaabichi irra deddeebii qabiyyee caaslugaa muraasa qofa kan qabu ta'uu addaan baaseera. Fakkeenyaaf, boqonnaa 1, fuula 17, barannoo 4, gilgaala 9fi boqonnaa 4, fuula 70, barannoo 3, gilgaala 5 jalatti waa'een dhamjechaa irra deddeebiin dhiyaateera.

Fakkeenya 7a. Boqonnaa 1, dubbisa mataduree 'Afaan akkamitti jalqabame?' jedhu jalatti barannoon 4 gilgaalli 9 caasluga waa'ee shaakala dhamjechootaa qabatee jira.

Himoota gaditti dhiyaatan keessatti qaamolee jechaa jala sararaman qalbeeffadhu.

1. Qabaxiileen jalqaba afaaniirratti dhiyaatan baay'een isaanii wal-mormu.
2. Akkuma yeroo ammaa, namoonni durii hojiiwwan ciccimoo gamtaan hojjechaa turan.
3. Sagaleewwan uumamaan dhaga'aman akkeessuun afaan uumame mala-dhayiitiin jedhu jechoota sagalee isaaniitiin wal-fakkaatan ka'umsa taasifata.
4. Yaaxxinni afaan namatu uummate jedhu na amansiise . (fuula 17)

Fakkeenya 7b. Boqonnaa 4 dubbisa 'Hirmaannaa Dubartootaa' jedhu barannoo 3 gilgaala 5 caasluga jalatti shaakallin dhamjechaa irra deebiin kitaabicha keessatti dhiyaateera.

Fakkeenya armaan gaditti kennamerratti hundaa'uun dhamjecha, hundee, fufii (hortee fi yaasaa/ uumamtee/) addaan baasi.

Fkn Qabame {qab-} dhamjecha hundee

{-am-} fufii yaasaa

{-e} fufii hortee

1. deeman
 2. gulufame
 3. qarate
 4. qochisiise
 5. horate
- (fuula 70)

Fakkeenya 7c. Boqonnaa 1 dubbisa mataduree 'Afaan akkamitti jalqabame?' jedhu barannoo 4 gilgaala 10 qabiyyeen caasluga shaakala himaa jedhu, boqonnaa 7 dubbisa matadureen isaa 'Industiriifi Sochii Tuuriizimii Addunyaa' jedhuu barannoo 3 gilgaala 9 qabiyyeen caaslugagosoota himaa tajaajilaafi gosoota himaa (caasaan) barannoo 5 gilgaala 11 irra deddeebi'anii dhiyaataniiru.

Himoota kanaan gadii dhuunfaan itti yaaduun caasaa isaa qalbeeffadhu.

1. Afaaniifi hawaasni wal-malee hinjiraatan.
2. Jalqaba afaaniirratti yaanni waliigalaa tokko dhibullee, yaaxxinoonni garaagaraa jiru.

Fakkeenya olitti kennamerratti hundaa'uun himoota kanaan gadii leeximaafi xaximatti addaan qoodi. Bu'uurri qooddii keetiis, maal akka ta'e ibsi.

1. Namni Waaqaan qixxaachuuf riqaa ijaaruun qabata addaddummaa afaanii ta'e.
2. Afaan namatu uummate.
3. Yaaxxinni 'Afaan Waaqtu uume,' jedhu jalqaba amantii qaba.

Himoonni kanaan gadii caasaa isaaniitiin kanneen olitti dhiyaatanirraa adda. Mee fakkeenya kanarratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aananii dhufan hima dachaafi hima dacha xaxamaa jechuun deebisi.

- Fkn. 1. Haxxeen lafa lixxe; gowwaan taa'ee muge.
2. Obbo Tufaan yammuu barsiisu barattoota keessa deemee deebi'a.

Fakkeenyi olii kanneen keessatti himoonni dhiyaatan caasaadhaan garaagara. Himni 'A' jalaa walta'i

1. Osoo afaan hinjalqabin, namoonni mallattoon walii galaa, waliifis birmachaa turan.
2. Afaan dur jalqabe; ragaa funaanuun garuu dhiheenya eegale.
3. Yammuu bokkaan roobu nikakawweessa'a; hurriin lafa uffisa; cabbiinis nibu'a.

(fuula 20- 21)

Himoota armaan gadii qalbeeffadhu.

1. Lammeessaan laga bu'e. (Hima Himamsaa)
- 2, Garasuun jabbii bite. (Hima Himamsaa)
3. Sanatti akka itti hinbuune. (Hima Ajajaa)
4. Ogeessa fayyaa haasofsiisi. (Hima Ajajaa)
5. Maaliif dhufte? (Hima Iyyaaffannoo/Gaafii)
- 6, Kitaaba sana bittee? (Hima Iyyaaffannoo/Gaafii)
7. Kun raajiidha ! (Hima Raajeffannoo)
8. Maal wanti akkasii ! (Hima Raajeffannoo)
9. Ani badeera ! (Hima Raajeffannoo) (fuula 104- 107)

Akkasumas boqonnaa 1, fuula 20, barannoo 4, gilgaala 10 fi boqonnaa 7, fuula 104fi 111, barannoo 3fi 5, gilgaala 9fi 11 jalatti waa'een himaafi gosoota himaa tajaajilaafi caasaan hanga tokko irra deddeebi'amuun fakkeenyiifi ibsi itti kennamuun dhiyaataniiru. Kun immoo ammaa tokko hubannoo barattootaa kan cimsu yoo tahu qabiyyeen barnootichaa kanneen hafan irra deddeebiin hindhiyaatiin hafuun beekumsa barattoonni caaslugarratti qabaatan gad-aanaa akka tahu kan taasisudha.

Qorataan gama biraatiin haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa kana keessatti cimina dabalaa deemuufi dhiisuu isaa xiinxaleera. Akkaataa xiinxalameen kitaabichi cimina barattoonni caasluga Afaan Oromoo irratti qaban dabalaa kan hindeemnedha. Sababni isaas : caaslugaaleen kitaabicha keessatti dhiyaatan gosa muraasa ta'uu, ibsiifi fakkeenyi gahaan itti hinkennamiin hafuudha. Akkasumas boqonnaalee hunda keessatti fakkeenyaaf boqonnaa 15, 16fi 17 caaslugni hindhiyaatiin hafuun ciminni barattoonni caaslugarratti qaban akka hindaballe taasisa. Kun immoo irra caalaatti kitaabicha raawwatamummaa kan dhabsiise ta'uu isaadha.

4.4 Hojiirraa Oolmaa Kutaa Keessaa

Maddi ragaa qorannichaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaatti dabalatee barsiisaa mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa bara 2012tti kutaa 11ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisaa jiru akkasumas itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo waan ta'aniif qaaccessa qabxii xiyyeeffannaa barsiisaafi itti gaafatamaa muumme ilaalchisee taa'e akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Gaaffii 1 Haalli dhihaannaa caaslugni Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti dhiyaate maal fakkaataa?

Akka barsiisaan 'A'n deebii kennetti caaslugni kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'e, ibsaafi fakkeeniyota gahaan dhiyaachuu dhabuua walitti fufiinsa qabuun dhiyaachuu dhabuu akkasumas haala dandeettii barattootaa cimsuun hindhiyaanne. Kun immoo haalli dhihaannaa qabiyyee barnootichaa hawwataa akka hintaane taasiseera.

Barsiisaan Afaan Oromoo barsiisuu kun dabalataan akka ibseetti kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti qabiyyeen akaakuun caaslugaa tokko tokko tasumaa

dagatamuun; boqonnaalee 17 kitaabni barnootaa kun qabu hunda keessatti qabiyyeen caaslugni dhihaachuu dhabamuun; akaakuu caaslugaa muraasa qofarratti xiyyeeffatamuun isaa hawwattummaa dhabuu kitaabichaaf sababa guddaa ta'ee jira. Kana malees, kanneen jiranillee haala walmadaaluufi bal'inaan dhihaachuu osoo qabani hindhihaatiin hafuu isaanii ibse jira. Akkasumas bifa hubatamu danda'uun ibsa gahaa waliin dhiheessuu dhabuun rakkoo biraa ta'ee mul'ateera. Kun wanti namatti agarsiisu akkuma qabxii 4.2.1 jalatti xiinxala caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa ibsameen haalli dhihaanna kitaabichaa hanqina qabaachuu isaati.

Gaaffii 2. Caaslugaa Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'ee jiruun hojiirra oolchaa jirtuu?

Deebii barsiisaan 'A' kutaa kan barsiisaa jiru kenne kitaabni barataa kun gilgaalota qabiyyee caaslugaa shaakalsiisuuf ta'an irra caalatti kan barattoonni dhuunfaan shaakalan qaba malee, lama lamaafi gareen kan barattoonni shaakalaniifi ibsaafi fakkeenya gahaa hinqabu. Kanaaf caasluga Afaan Oromoo hojiirra oolchuun akkaataa qophii kitaabichaan utuu hintaane kitaabilee wabii adda addaarraa maalummaa mataduree caaslugichaa, akaakuu inni of jalatti hammate yoo jiraatan itti dabaluu, fakkeenyoota gaggabaaboofi ifoo ta'an barattoonni salphaatti hubachuu danda'an kennuun hojiirra oolchaa akka jiru ibsa. Kanuma mirkaneessuuf daawwii daree geggeeffame gaaffii 9ffaa daree barnootaa keessatti caasluga Afaan Oromoo haala kitaaba barnootaa keessatti qophaa'een hojiirra oolchaa jiraachuu kan jedhu akkuma barsiisichi ibseen caasluga Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti hojiirra oolchuun akkaataa qophii kitaabi-chaan utuu hintaane ibsaafi fakkeenya adda addaa kan mataa isaa kanneen barattoonni salphaatti hubachuu danda'an kennuun hojiirra oolchaa kan jiru ta'uusaa qoratiichi mirkaneesseera. Kun immoo wanti nama hubachikisu haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'een hojiirra oolchuuf hanqina kan qabu ta'uu isaati.

Dabalataan akka barsiisaan kun ibsetti caasluga dandeettiwwan afaanitiin walqabsiisnee barsiisuu utuu qabnuu dandeettii dubbachuufi barreessuu keessatti darbee darbee hojiirra oolchaa jira. Haa ta'u malee, caasaa caaslugaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbisuu waliin barsiisuu irratti barsiisonni rakkoo cimaa niqabu. Kunis akka barsiisaan kun ibsetti yeroo ammaa kana sababa wayitiin barnootaa, barnoota kutaa kanaaf ramadame

xiiqqatee (wayitii lama)fi daree barnootaa keessatti barattoonni garmalee heddumaataniif (80) yeroo itti dhaggeeffachuufi dubbisuullee barsiisnu hinqabnu. Kanaafuu, caasluga akka dandeettii afaanii tokkootti barsiisuu malee dandeettiiwwan afaanii isaan biro waliin barsiisuun hindanda'amu. Garuu, akka Tamasgeeniifi Tashoomaan (2015:104) ibsanitti, caasluga barsiisuun afaan barachuufi barsiisuu keessatti dhimma baay'ee barbaachisaa tahedha. Haa tahu malee, caaslugni kan barsiifamu qofaasaa utuu hintaane dandeettii dubbachuufi barreessuu waliin walsimsiisuun akka ta'edha.

Daawwannaa qorataan daree seenee geggeesseen gaaffii 9ffaa, Caasluga Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'ee jiruun hojiirra oolchaa jiruu? gaaffii jedhuuf deebiin lakkii yoo tahu barsiisichi qabiyyee caasluga Afaan Oromoo haala kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessaatti qophaa'een hojiirra oolchaa kan jiru utuu hintaane mataduree / qabiyyee caasluga kennamee bu'uureffachuun fakkeenyaafi ibsa gaggabaaboo kana dhuunfaa isaa kennuun hojiirra oolchaa jira. Ibsituun kanaas sababa qajeelfama COVID – 19 qabiyyee barattoonni barachuuf filatan keessaa guyyaa daawwiin kun geggeeffametti waa'ee 'gaaleefi ciroo adda baasuu' irratti maalummaa gaaleefi ciroo, gosoota gaaleefi ciroo, gaalee tokko gaalee tokkorraa addaan baasuuf qaamolee gaalee keessaa murteessituun eenyu akka taate fakkeenyaafi ibsa kennuun dhiyeesseera.

Gaaffii 3. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti tooftaa caasluga Afaan Oromoo barsiisuu kam fayyadamtu?

Deebii barsiisaan 'A' yemmuu kennan caasluga barsiisuu keessatti haalonni lama hojiirra ooluu danda'anu. Isaanis: haala dhiheenya dimshaashaa (karaa didaaktiivii)fi haala dhiheenya murtaa'aa (karaa indaaktiivii) dha, Garuu, barsiisaan kun haala dhiheenya dimshaashaa ta'een/ seera murtaa'aa kan waliigalaa tokkorraa ka'uun ibsa erga kenneen booda haala to'atamaa barattoonni hojjetaniin caasluga Afaan Oromoo barsiisaa akka jiru addeesse. Akka barsiisan kun jedhutti kun kan ta'eef kitaaba barnootaa kana keessatti ibsiifi seerri gahaa tahe tokko akka barbaadametti kennamee hinjiru.

Daawwannaa qorataan geggeesseen gaaffii 2ffaafi 3ffaa, Adeemsa baruu barsiisuu keessaatti barsiisonni mala caasluga barsiisuurratti tooftaa dimshaashaa fayyadamani

nibarsiisuu? gaaffii jedhuuf eeyyee mala dimshaashaa fayyadamuun barsiisaa barsiisaan kun akkuma duraan ibsetti tooftaa dimshaashaa, seera murta'aa kan waliigalaa tokkorraa ka'uun ibsa erga kenneen booda haala to'atamaan barattoonni akka hojjetaniin hojiirraa oolchaa akka jiru qorataan mirkanesseera.

Kunis qabiyyee barnootaa guyyaa sanaa boqonnaa 9, barnoo 4, shaakala jecha tishoo (diigala) barsiissa ture. Barsiisichis seera murtaa'aa kan waliigalaan maalummaa jecha tishoo, jechi tishoo akkaataa ittiin ijaaramu, garee jechootaa inni irraa ijaaramuufi amala bu'uuraa jecha tishoorratti fakkeenya addaddaa kennuun barattoonni dhuunfaan akka shaakalaniifi yaad-deebii barattoonni qabiyyicharratti kennan akka dhuunfaan kennamu taasisuun qabiyyee barnootichaarratti hubannoo uume. Kuni immoo barsiisichi mala dimshaashaa fayyadamuun caasluga Afaan Oromoo barsiisuu isaa mirkaneessa.

Gama biroon gaaffii 3ffaa, Adeemsa baruu barsiisuu keessaatti barsiisonni mala caasluga barsiisuurratti tooftaa murta'aa fayyadamanii nibarsiisuu?gaaffii jedhuuf deebiin daawwannaanm argame lakkiidha.

Gaaffii 4. Mala barataa giddugaleessa godhateen caasluga Afaan Oromoo barsiisaa jirtuu?

Deebii barsiisaan 'A' yommuu caasluga Afaan Oromoo barsiisu mala barataa giddugaleeffate taasise fayyadamee barsiisuu kan hinjirre tahuusaa ibse. Sababni isaas, tokkoffaa, baay'inni barattootaa daree tokko keessatti argaman gar-malee heddummachuun kunis barattoota 75 - 80tti waan ta'aniif caasluga mala barataa giddugaleeffate fayyadamanii barsiisuun hindanda'amu. Kun immoo daree barnoota afaanii keessatti baay'achuun barattootaa afaan barsiisuurratti dhiibbaa guddaa qaba. Lamaffaa, haalli dhihaannaa kitaaba barnootaa darbee darbee malee barttoonni akka waliin hojjetaniifi walirraa baratan kan hafeeru miti. Sadaffaa, wayitiin barnoota torbaniitti gosa barnoota kanaaf kennameefi qabiyyeen barnootichaa waggaaf kenname waan wal hinmadaalleef mala barataa giddugaleeffate fayyadamuun barsiisuu utuu hintaane mala barsiisaa giddugaleeffateen akka baruu barsiisuu geggeessaa jiru ibse. Kanarraa wanti hubatamu

Daawwannaa qorataan daree seenee geggeesseen gaaffii 1ffaa Barsiisonni malleen barataa giddugaleessa godhateen caasluga Afaan Oromoo barsiisaa jiruu? gaaffi jedhuuf deebiin adeemsa baruu barsiisuu keessatti barsiisaan Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisaa jiru kun mala barataa giddugaleessa godhateen caasluga Afaan Oromoo barsiisaa hinjiru. Sababni isaas yeroo daawwiin kun itti geggeeffame yeroo COVID-19 waan ta'eef wayitiin barnoota kanaa kanaan dura akka idileetti kenname sadii kan ture gara wayitii tokkootti gad deebi'uufi sa'aatiin kennamte daqiiqaa 35 qofa waan taateef barnootaa waggaatti kutaa kanaaf kenname xumuruuf jecha barsiisaan mala barsiisaa giddugaleessa godhateen barsiisaa ture. Dabalataan sababa dhibee kanaan barattoonni walitti siiqanii taa'uun waliin hojjechuu dhabuufi barsiisaan hojjiilee barattootaa keessa deemee ilaaluu dhabuu barnooticha mala barsiisaa giddugaleefate taasisaera.

Dabalataan gaaffii 5ffaa, Daree keessatti barsiisonni yommuu caasluga barsiisaan barattoonni waliin nihojjetuu? Haalaanis nihirmaatuu? gaaffii jedhuuf deebiin isaa lakkiidha. Sababni isaas barsiisichi yommuu inni caasluga Afaan Oromoo barsiisutti barattoonni waliin hinhojjetan; hirmaannaan isaaniis laafaadha. Kunis sababa COVID 19 barattoonni walitti siiqanii taa'uu dhabuufi haalli teessuma isaanii akkaataa barattoonni waliin hojjetaniif mijataa tahuu dhabuudha. Kun immoo barattoonni carraa walii walii isaaniirra akka barataniifi ofii isaaniitiin yaadaniis akka deebisan isaan hintaasisu. Barsiisichis qabiyyee caasluga guyyaa sanaa ofumaan ibsaafi fakkeenya mataa isaa kennuun xumure. Xiyyeeffannoon barsiisichaas caasaa caaslugaa irratti ture.

Gaaffii 5 Hoj-manee fi hoj-daree kennuun barattoonni qabiyyee shaakaloota caaslugaa ofiin hojjetanii akka of danda'aniif nikakaastuu?

Deebii barsiisaan 'A' irraa argameen hoj-manee ta'e hojii daree nikennina. Garuu, hojjetaniifi hinhojjennee isaanii bira geenyee tu'achuuniifi kakaasuun rakkoo guddaadha. Sababiin isaas baay'inni barattoota daree tokko keessatti argaman 80fi isaa ol waan ta'eef qabiyyee shaakaloota caaslugaa barattoonni ofii isaaniin hojjechuufi hojjechuu dhiisuu isaanii akkasumas of danda'anii hojjechuu isaanii tu'achuun kakaasuun yeroo dheeraa fudhata. Kun immoo wayitii barnootaa torbaniitti barnootichaaf kenname

sababa miidhuuf jecha darbee darbee yeroo murtoofte qofaaf kan barattoota tokko lamaa akka ilaalu dirqameera.

Daawwannaa qorataan daree seenee geggeesseen gaaffii 4ffaa, hoj-manee fi hoj-daree kennuun barattoonni ofiin hojjetanii akka of danda'aniif barsiisonni nikakaasuu? gaaffii jedhuuf barsiisonni hoj-dareefi hoj-manee kennuun barattoonni akka qabiyyee caaslugaa shaakalan irra jireessaan kan hintaasifneefi shaakalaaf kan isaan jajjabeessu akka hintaane ragaan argame kun kan agarsiisudha. Mul'istuun kanaas yeroo daawwiin daree kun geggeeffametti barsiisichi hoj-daree kennuu dhabuufii hojjiilee barattootaa tu'achuu dhabuudha. Kun immoo barattoonni shaakallii keessaa waan baay'ee waan barataniif kan isaan daangessu ta'ee kan mul'atudha. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoonni hojii manaa, hojii dareen ofii isaaniin akka shaakalaniifi akka hojjetan taasisuufi barattootni kaka'umsa mataa isaaniitiin adeemsa baruu barsiisuu keessatti itti gaafatamummaa fudhachuun kan ittiin baratan gochuun barbaachisaadha. Akka Ellis (1997) Knowles (1975) wabeeffachuun yoo ibsu, adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattootni hoj-manaa fi hoj-daree ofii isaaniin akka shaakalaniifi akka hojjetan taasisuun barattoonni kaka'umsa mataa isaaniitiin adeemsa baruu barsiisuu keessatti itti gaafatamummaa fudhachuun kan ittiin baratan gochuun barbaachisaadha.

Dabalataan gaaffii 6ffaa, Barsiisonni shaakala caasluga Afaan Oromoo addaddaa kennuun ofiin deebisurra barattoonni ofii isaaniitii itti yaadaniin akka deebisan nitaasisuu? Haalaanis barattoota nitu'atuu? gaaffii jedhuuf deebiin isaa lakkiidha. Sababni isaas barsiisichi shaakala qabiyyee caasluga Afaan Oromoo adda addaa kennuun ofiin deebisurra barattoonni ofii isaaniitii itti yaadaniin akka deebisan hintaasisne. Kun immoo adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoonni of danda'aniin akka baratan isaan hintaasisu.

Akkasumas gaaffii 7ffaa, Barsiisonni yommuu barsiisan hubannoo barattootaa cimsuuf ibsafi fakkeenya gahaa nikennuun? gaaffii jedhuuf eeyyee barsiisichi ibsafi fakkeenya gahaa nikennu. Barsiisichi ibsafi fakkeenya gahaa haakennan malee hubannoo barattootaa hanga daree sana keessa turetti cimee hinmul'anne. Kanaafis ibsituu daree barnootaa sana keessatti hirmaannaniifi si'aa'inni barattoonni qabiyyee barnoota guyyaa sanaarratti agarsiisanidha

Gaaffii 6. Hojiirra oolmaa qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kutaa

barnootaa keessatti kan ittiin tu'attan jiraa ? Yoo jiraate maal fa'i?
Waggaatti si'a meeqa tu'atu?

Deebii kennaan barsiisaa 'B' yommuu tahu mana barumsichaa keessatti kan ittiin tu'atu yeroo barsiisaan karoora barnoota waggaafi torbanii qopheeffatu akkasumas wayita madaalliin barsiisaa geggeeffamu daree barnootaa waggaatti si'a afur seenuun akka ilaaletti, haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kutaa 11ffaa qabiyyee barnootichaa keessatti gosoonni caaslugaa addaddaa akkaataa walmadaalaa ta'aniin dhihaachuu dhabuu isaanii akka tahe ibsee jira. Kanas yeroo ibsu qabiyyee barnoota caasluga shaakalsiisuuf kitaabicharratti hundaa'uun karoorra barnoota waggaafi torbanii barsiisaan qopheeffatu keessatti irra deddeebiin kan dhihaatan dhamjecha, hennaa akkasumas hima irratti kan xiyyeeffataniifi gosoonni caaslugaa biroon ammoo tasuma kan hinjirree ta'uu yaada kennee jira.

Ragaan sakatta'a kitaabaa irra argames boqonnaalee kitaabichaa keessaa boqonnaalee jalqabaa lamaan keessatti gilgaalonni shaakala caaslugaa akaakuu adda addaa dhiheessuuf xiyyeeffannaan akka kennameefi walitti fufinsa caaslugni qabus kan dhihaate boqonnaalee kanneen keessatti akka ta'e kan mul'isudha. Akka qoratchi sakatta'a kitaabaa irraa hubatetti jalqabbiin ture kan nama hawwatuufi itti yaadamee kan qophaa'e ta'uu hanga tokko kan namatti agarsiisuu ture. Gara boqonnaawwan birootti yemmuu seenu garuu dhihaannaan gilgaalota caaslugaa shaakalsiisan akka boqonnaa kanneen jalqaba keessatti kan qindaa'ee miti. Kun immoo akka barattoonni hariiroo gosoonni caaslugaa waliin qaban gadi fageenyaan xiinxaluun hubannoo caaslugaa sadarkaa barnootaafi umrii isaaniitiin walgitu hinarganne isaan taasisee jira. Kanarraa hubachuun kan danda'amu gilgaalonni caaslugaa bifa ifaa ta'een kan hindhihaanne akka ta'edha.

Gaaffii 7. Qaawwaan hojiirra oolmaa qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kitaaba

barnootaafi kutaa barnootaa keessatti mula'atan jiruu? Yoo jiraatan maalfa'i?

Deebii kitaabni barataa kun tokkoffaa, ibsa gahaa salphaatti barataan hubachuu danda'u akka hinqabne; lammaffaa, caaslugaaleen dhiyaatan muraasa ta'uufi kanneen

dhiyaatanillee haala walmadaaluun dhiyaachuu dhabuu ibse. Kanaafuu, daree barnootaa keessatti akkaataa kitaaba barnootaa keessatti qophaa'een qabiyyee caaslugaa hojiirra oolchuuf qawwan tokko tokko nijiru. Kanneenis kan akka qabiyyeen barnootichaa bal'achuufi wayitiin barnootichaaf kenname xiqqaachuu; barattooni daree barnootaa keessatti garmalee baay'achuu; kitaabileen barnootaa barataa hunda gahuu dhabuufi kkf isaan muraasa qabiyyee caaslugaa akkaataa barbaadameen hojiirra oolchuun hindanda'amu. Kun immoo wanta inni nama hubachiisu haalli dhihaannaa kitaabichaa qabiyyee caaslugaa hojiirra oolchuuf hanqina qabaachuusaati.

Daawwannaa qorataan daree seenee geggeesseen gaaffii 8ffaa, Mala baruu barsiisuu qabiyyee caasluugaa keessatti rakkooleen barattootaafi barsiisota mudatan jiruu? gaaffii jedhuuf deebiin eeyyeen kan jedhu yoo ta'u rakkooleen mudatanis mala baruu barsiisuu barataa giddugaleeffaten barsiisuu dhibuu, daree barnootaa keessatti barattoota haalan kakaasuun hirmaachisuun dhibuu, fedhiin barattooni qaban gad bu'aa ta'uu, sababa dhibee COVID-19 hojiilee barattoota haalaan keessa deemuun hordofuu dhibuun isaan tokkodha. Kuni immoo afgaaffii barsiisaaf dhiyaatee deebiin itti kenname kan cimsu ta'uu agarsiisa.

Daawwiin daree guyyoota afuuf akka waliigalaatti geggeeffame kan mul'isu: daree barnootaa keessatti akkaataa barattooni itti shaakala qabiyyee caaslugaa hojjetan gareen yookiin cimdiin utuu hintaane dhuunfaadhaan ta'uu, barsiisaan malleen caasluga barsiisuu keessaa tooftaa dimshaashaa qofatti fayyadamuun caasluga barsiisuu, maalummaa qabiyyeewwan caaslugaarratti ibsaafi fakkeenya addaddaa kennuun barsiisuu, barattootaaf carraa shaakala caasaa caaslugaa irratti shaakala muraasa ta'an kennuun barattooni hubannoo hanga tokko uumuu, barattooni carraa shaakala caasluga argataniin shaakaluu, gaafachuufi kan gaafatamaniif deebii kennuu yaaluu, si'aa'inni daree barnootaa keessaa gad bu'aa ta'uufa'aa kan agarsiisudha.

Haala kanarraa kan hubatamu qorataan akka odeeffkennitootarraa karaa meeshaa odeeffannoo itti sassaabate afgaaffii barsiisotaafi itti gaafatamaa muummeef dhiyeesse irraa argateen akkasumas daawwii daree guyyoota afuuf taasiseen caasluga Afaan Oromoo haala kitaaba barataa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'een hojiirra oolchuurratti

hanqinni akka jiru hubachuu danda'era. Kunis sababoonni qabiyyee barnootichaa haala kitaabicha keessatti qophaa'een hojiirra oolchuu dhabuu kanaaf odeefkennitoonni eeran keessaa muraasni;

- A. Heddumni barataa kutaa tokko keessaa istaanderdiin ol ta'uu
- B. Ibsaafi fakkeenyo gahaan dhiyaachuu dhabuu
- C. Haala walitti fufiinsa qabuun dhiyaachuu dhabuu akkasumas
- D. Haala dandeettii barattootaa cimsuun hindhiyaanne.
- E. Qabiyyeen barnootichaa bal'achuufi wayitiin barnootichaaf kenname xiqqaachuu
- F. Mala baruu barsiisuu barataa giddugaleeffaten barsiisuu dhabuu
- G. Barattoota haalan kakaasuun hawwatummaa dhibuufa'aatu mul'ata.

Kun immoo akka walii galaatti kan agarsiisu haalli qabiyyeen caaslugaa kitaabicha keessatti qophaa'een hojiirra oolchuu dhabuun, haalli qophii qabiyyee barnootaa caasluga Afaan Oromoo kutaa 11ffaa hanqina qabaachuufi daree barnootaa keessatti hojiirra oolchuun kan walhinsimne ta'uu isaa hubachuun nidnda'ama.

4.5 Hanqinoota Gurguddoo

Ragaan xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaabaa barataa kutaa 11ffaa ulaagalee kitaabni barataa ittiin qophaa'uu maluun, hojiirraa oolmaan daree barnootaa keessaa isaa immoo afaaffii barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee irraa karaalee addaddaan walitti funaanamanii akkasumas daawwiin daree taasifamee akkaata xiinxalamuufi qaaccceffamu qabaniin xiinxalamanii qaaccceffaniiru. Bu'aan xiinxalli kanaas hanqinoota gurguddoo armaan gadii mul'isa. Isaanis:

- Caaslugaalee kitaabicha keessatti dhiyaataniif ibsiifi fakkeenyi gahaan dhibuu
- Caaslugaaleen kitaabicha keessatti dhiyaatan bifa walmadaaluun dhiyaachuu dhabuu
- Caaslugaaleen kitaabicha keessatti dhiyaatan bifa walitti fufiinsa qabuun dhiyaachuu dhabuu
- Qabiyyeen barnootichaa bal'achuufi wayitiin barnootichaaf kenname xiqqaachuu
- Mala baruu barsiisuu barataa giddugaleeffaten barsiisuu dhabuu
- Qabiyyeen barnootichaa irra deddeebi'ee argamuu dhabuu
- Barattoota haalan kakaasuun hirmaachisuun dhibuufa'aatu mul'ata.

Walumaagalaatti, xiinxalliin haala dhihaannaa caaslugaa Afaan Oromoo kitaabaa barataa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaan kutaa barnootaa keessaaf ragaan xiinxala haala dhihaanna kitaabichaa, afgaaffii barsiisotaafi itti gaafatamaa muummee irraa argame akkasumas daawwiin daree taasifameen haalli dhihaannaa caaslugaafi hojiirra oolmaan kutaa barnootaa keessaa isaa hanqina mataa isaa kan qabu, ittiin barsiisuufis ta'e irraa barachuuf mijataa akka hintaanee fi barattoonni dammaqinaan of danda'aanii akka irratti hirmaatanii ofiin hojjetan kan hintaasisnedha. Sababni isaas caaslugaaleen dhiyaatan ibsa gahaafi bifa walitti fufiinsa qabuufi walmadaaluun dhiyaachuu dhabuudha. Akkasumas mala baruu barsiisuu barataa giddugaleeffaten qophaa'uufi barsiisuun dhibuu, qabiyyeen barnootichaa bal'achuufi wayitiin barnootichaaf kenname walsimuu dhabuun isaan tokkodha.

Kanaafuu, caaslugaaleen kitaaba barataa keessatti dhiyaatan ibsa gahaafi bifa walitti fufiinsa qabuun akkasumas haala walmadaaluun dhiyaachuu qabu. Asirratti kan hubatamuu qabu hanqinni dhihaannaa gilgaalota shaakala caaslugaa keessatti gama qabiyyeetiin jiru dhimma hojii dabalataa waan gaafatuuf qaamoleen qopheessa kitaaba barataarratti qooda fudhatan hanqinaalee mul'atan kanneen ilaalcha keessa galchuu qabu.

BOQONNAA SHAN: GOOLABAIFI YAADA FURMAATAA

Qorannoo kun xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti jedhu irratti kan gaggeeffamedha. Barnootaa afaanii keessatti yeroo ammaa qabiyyeewwan dhihaatan keessaa dandeettiiwwan afaanii isaan gurguddoofi isaan xixiqqooti. Dandeettiiwwan afaanii kanneen xixiqqoo keessaa immoo caaslugni tokkodha. Dandeettiiwwan afaanii kunniin walqixa dhihaachuu qabaaniin kitaaba barataa keessatti akka dhihaatan taasisuu keessaatti gahee olaanaa kan taphatu sirna barnootaati. Sirni barnootaa meeshaa guddaa dhimma barnootaati. Kanaaf meeshaan kun qajeeltoon qophaa'uu jechuun; meeshaaleen sirna barnootaa ammo achirraa dhaaluu waan ta'eef sirrummaan isaanii wal nama hingaafachisu. Kanarra ka'uun qophii meeshaalee barnootaa keessaatti ammo bakki ijoo itti xiyyeeffatamu qabu qabiyyee barnootaati. Kunis wanti qophaa'uu sun hariiroo hinqabu taanaan yaanni achirra argamus addaan ciccitaa ta'a. Kun ammo hubannoo barattootaa irratti rakkoo hamaa waan fiduuf, furtuu guddaan qindoomina isaanii sirreessudha.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti manneen barumsa Qophaa'ina Godina Wallagga Bahaa filataman keessa mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa keessatti xiinxaluudha.

Haala kanaan odeeffannoo haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa bara 2005 qophaa'erraa xiinxalameefi kutaa barnootaa keessatti hojiirra oolmaa isaa mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti odeeffannoo barsiisotarraa afgaaffiin argameefi daawwii daree geggeeffame irratti hundaa'uudhaan ragaan qindaa'ee xiinxalameera.

5.1 Goolaba

Galma yaadamee bira gahuuf immoo meeshaalee funaansa ragaa adda addaa gargaaramuudhaan odeeffannoo sassaabuun hojii isa jalqabaa ture. Qabiyyee caasluga Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa sakatta'uun, afgaaffiin barsiisaafi itti gaafata,aa muummee akkasumas daawwiin daree barnootaa meeshaalee funaansa ragaa

qoratiichi itti fayyadamedha. Kanneen keessaa inni bu'uuraa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa sakatta'uu yoo ta'u itti aansuun akka madda ragaa dabalataatti yaadoleen barsiisaa sadarkaa kanatti barnoota Afaan Oromoo barsiisuufi itti gaafatamaa muummee barnoota Afaan Oromoo afgaaffiin fudhatameefi daawwiin daree barnootaa geggeefamee jira. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa qabiyyee caaslugaa sakatta'uun xiinxaluuf qabxiilee madaalli qabiyyee shaakala gilgaalotaa mul'isaniifi cheekliistiin wixiineeffamanii jiru. Karaa biraatiin, afgaaffiin dhihaate caasaa cufaa haala walqabatiinsa qabuun kan qindaa'edha. Ragaan adeemsa kanaan argame erga qaaceffamee ibsi itti kennamee booda bu'aa qorannoo kana irratti hundaa'uudhaan haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa isaa kutaa barnootaa mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaaanaa keessatti barsiisuurratti rakkooleen adda addaa kanneen armaan gadii jiraachuun isaanii hubatamuu danda'eera.

Kunis, inni jalqabaa haalli dhihaannaa gilgaalota qabiyyee caaslugaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa hanqina qabaachuu isaati. Haaluma kanaan gilgaalonni shaakala qabiyyee caaslugaa shaakalchisuuf kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhihaatan qabiyyee jiruuf xiyyeeffannaan hinkennamne. Kitaaba kana keessatti boqonnaalee 17 jiran keessaa boqonnaalee 14 boqonnaa 1 hanga boqonnaa 14 qofaatti qabiyyeen caaslugaa kan jiru yoo ta'u gosota qabiyyee caaslugaa 20 kitaabicha keessatti dhihaatan keessaa ammoo qabiyyee caaslugaa sadii (3) qofatu irra deddeebii'ee boqanna biroo keessatti mul'ate. Akkasumas boqonnaalee hunda keessatti caaslugni haala walmadaaluufi walitti fufiinsa qabuun qophaa'uu dhabuudha. Isaan dhiyaataniifille ibsii fakkeenya gahaan akka hinkennammedha.

Inni lammaffaan, daree barnootaa keessatti caasluga Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessaatti qophaa'een hojiirra oolaa kan hinjirre ta'uu isaati. Haaluma kanaan kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kun gilgaalota shaakala qabiyyee caasluga shaakalsiisuuf qophaa'aniif fakkeenya ibsi gahaan waan hinkennamneef akkaataa kitaabicha keessatti qophaa'een hojiirra oolchuun kan hindanda'ammedha. Kanaaf kitaabilee wabiirra waraabuufi fakkeenya mataa ofii fayyadamuun nijira. Akkasumas seera murtaa'aa kan waligalaa tokkorraa ka'uun ibsa erga itti kennameen booda haala to'atamaa ta'een barattooni akka hojjetan taasisuun

caasluga Afaan Oromoo barsiisaa jira. Kanaafuu, daree barnootaa keessatti caaslugaa Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barnoota kutaa 11ffaa keessatti qophaa'een hojiirra oolchaa hinjiran.

Waliigalatti, haalli dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnoota kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaan kutaa keessaa mana barumsa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa hanqina kan qabu ta'uu isaa nimul'ata.

5.2. Yaada Furmaataa

Kutaa kana kessatti yaadolee argannoo goolaba keessatti ibsaman irratti hundaa'uun yaanni furmaataa haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa bara 2005 qaphaa'eefi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti dhiyaatan ibsmanniiru.

Yaadoleen furmaata kennaman kunniin haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti argaman hanqinaalee kan qaban waan ta'aniif bifa itti dhiyaachuu qabaniin akka dhiyaatan kan heeraniidha. Kana malees hanqinaalee haala dhihaannaa caasluga kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan kanaaf tooftaaleen fooyya'iinsa dhiyaannaa qabiyyee caasluga maal ta'uu akka qaban wantoonni furmaata nita'u jedhamanii yaadaman haala itti aanuun kaa'amani jiru.

Yaadolee furmaataa kennaman kunniinis jalqabarratti qaamolee kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo kutaa kanaa qopheessaniifidha. Itti aansuun immoo barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa kana barsiisuufi barattoota sadarkaa kana barataniif nifayyada jedhamee amanama. Haaluma kanaan hanqinoota qorannoo kanaan addaan ba'an irratti hundaa'uun yaanni furmaataa akka armaan gadittii kennamee jira.

1. Galma ga'iinsa adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabiyyee barnootaa tokko haala barbaadameen hojiirra oolchuuf dhiyaannaan kitaabilee barnootaa gahee olaanaa qabu. Haala kanaan caaslugaaleen Afaan Oromoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa bara 2005 A.L.I qophaa'e keessatti dhiyaatan maalummaa (definition) isaaniirraa kaasanii haala barattootaaf

salphaatti hubatamuu danda'aniin qophaa'anii dhiyaachuu qabu.. Kanaafuu, qopheessitoonni kitaaba barnoota Afaan Oromoofi sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessan maalummaa qabiyyee caaslugaalee Afaan Oromoo bifa salphaatiin hubatamuu danda'aniin qabsiisafi fakkenyaan deeggaaranii osoo dhiyeessaniiruu ta'ee ofiin barachuufi walirraa barachuu barattootaa keessatti faayidaa olaanaa qaba.

2. Qabiyyeewwan caaslugaalee Afaan Oromoo boqonnaalee adda addaa jalatti bibitinaa'anii dhiyaatan utuu boqonnaa murtaa'aa jalatti bifa walitti fufiinsa qabuun gurmaa'anii dhiyaataniiruu ta'ee haala salphaa ta'een barttoonni hubachuu waan danda'aniif galma ga'iinsa qabiyyee barnootichaatiif bu'aa guddaa qaba.
3. Gilgaalonni qabiyyeewwan caaslugaalee irratti hundaa'anii kitaaba barnootaa kana keessatti dhiyaatan osoo fakkeenyawwan adda addatiin deeggaramanii dhiyaataniiruu ta'ee qabiyyichi hanqina tokko malee galma ga'uu nidanda'a. Kana jechuun gilgaalota qabiyyee caaslugaatiin walqabatan dhiyeessuun dura maalummaan qabiyyee gosa caaslugaalee dursee bal'inaan kitaabicha keessatti dhiyaachuu qaba. Yoo haala akkasiitiin kan dhiyaatu ta'e barattonni haala salphaa ta'een gilgaalota isaanii dhiyaatan hubachuufi hojjechuu nidanda'u.
4. Leenjiin hojiirraafi barnoonni addaddaa barsiisota Afaan Oromoo barsiisaa jiraniif utuu gama qaama dhimmi barnootaa isaan ilaallatuufi qooda fudhattoonnis haala mijeessanii leenjiin ssaddatti kennamee gaarii ta'a jedheen yaada.

Walumaagalatti, xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa bara 2005 qaphaa'eefi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessatti taasifameen argannoon argameefi yaanni furmaataa kana olitti dhihaate jira. Hanga Biiron Barnoota Oromiyyaa akkasumas qaamni dhimmichi isaan ilaalatu hanqina mul'ate hubataanii furmaata akka itti kennanitti; barsiisonni mana barumsa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa kutaa kana Afaan Oromoo barsiisan qorannoo kanaa irratti hundaa'anii qabiyyee dhihaate mara akka walsimsiisanii qopheessan jechaa; ogeeyyiin barnootaa qorannoo kana

dubbistan bu'aan qorannichaa akka hojiitti jijjiiramu waliin haa tumsinuun dhaamsa qoratichaati.

WABIILEE

- Abdii Alamaayyoo Qana'aa (2016). *Xiinxala Hojiirra Oolmaa Tooftaawwan Waliin Dubbii Caasluga Afaan Oromoo Barsiisuu: Mana Barumsaa Ifaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa Saglaaffaa*. Yunvarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (kan hinmaxxanfamiin).
- Abdulsamad Mahammad (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee : Maxxansa duraa.
- Abera Nefa. (1982). *Oromo Verb Inflection*. Institute of Language Studies: Addis Ababa University. (Unpublished MA Thesis)
- Addunyaa Barkeessa. (2012). *NATOO:Yaadrimaa Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinee: Mega Printing Press.
- _____ (2016). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.
- Atkins, J. et al. .(1995). *Skills Development Methodology.Part II* . Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.
- BBO..(2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 11faa*. Kampala: MK Publishers Ltd.
- Batstone, R. (1995). *Grammar*. Oxford: Oxford University Press.
- Celce- Murcia, M. (1984). *Interaction and Communication Forum* – Vol XXII (2) PP 2-7.
- _____ (1991). *Teaching English as a Second or Foreign Language.Second Edition*. Los Angeles: Heinle and Heinle Publishers.
- Chomskys, N.(1957). *Syttantic Structure*. The Hague Mouton. Chomskys (1965). *Aspects of the Theory of Syntax*. Combridge: MIT Press.
- Creswell, J.W. .(2009). *Research design: Qualitative & Mixed research methods approaches* (3rd ed). Thous and oaks, calif: sage publication.

- Corder.S.P (1973).*Introducing Applied Linguistics*. Harmonds worth, Middlesex:
Penguib Books
- Dastaa Dassaaleny, (2002). *Bu'uura Qorannoo*.Addis Ababa:Boolee printing Entrprise.
- _____. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Addis Ababa:Maxxansa 2ffaa,Printed
far East trading.
- Filee Jaalataa. (2015). *Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee: Mana maxxansa Raajii.
- Getaachoo Rabbirraa.(2016). *Furtuu:Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee: Dhaabbata
maxxansaa Kurraaz Internaashinaal.
- Halliday, M.A.K.(2004). *An Introduction to Functional Grammar (3rd ed)*.
London:Arnold
- Harmer, J. (1987) .*Teaching and Learning Grammar*. Cambridge: Longman.
- ICDR (1999) . *Teachers Education Hand Book* . Addis Ababaa : Finfine Printing
Press
- Jay, T.B.(2003). *The Psychology of Language* . New Jersey: Prentice Hall.
- Kidaanee Wadaajoo (2007). *Qaaccessa Dhiyaannaa gilgaalota hiika jechootaa
Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa: Mana Barumsa Qophaa`Ina
Mattuu. Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan
hinmaxxanfamin)*
- Larsen – Freeman, D. (1991). *Teaching Grammar, in Techniques and Resources in
Grammar Teaching,*
- Leech, G. N. (1983).*Principles of Pragmatics*. London: Longman.
- MulugeetaaTendaa (2012), *Qaacceessa dhiyaanna Qabiyyee Jechaafi Himoota
Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa kurnaaffaa keessatti*.
Finfinnee,Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hin
maxxanfamin)

- Murcia, M. (1988). *Techniques and Resources in Teaching Grammar*. Hong- Kong: Oxford University Press.
- Naggaliny Yooseef. (2007). *Sakatta'a Mala Barsiisonni Ittiin Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa Barsiisan*: Manneen Barnoota Sadarkaa 2ffaa Qeellam, Anifiloofi Burraayyuu. Yunvarsitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (kan hinmaxxanfamiin).
- Nasir, R. T. (1972). *Teaching and Learning English*. Singapore : Longman Singapore Publisher.
- O'Grady W. and Dobrovolsky (1996). *Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction (3rd ed)*. Tronto: Copp Clark LTD.
- Pachler, N. (1997). *Modern foreign language (mfl) Vocational Context*. In student in Modern Language Education, 5, Leeds: University of Leed.
- Rechards, J.C and Rogers, T.S (2001). *Approaches and Methods*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Steinberg, D.D.(1993). *An Introduction to Psycholinguistics*. London : Longman.
- Tamasgeen Marabbaafi Tashoomaa Balaayinaa (2015). *Qopheessa Silabasiifi Meeshaalee Barnootaa*: Yuunivarsitii Jimmaa. (Kan hin maxxanfamne)
- Tashoomaa Balaayinaa. (1998). *Mala Afaan Barsiisuu*: Yuunivarsitii Jimmaa. Kan hinmaxxaffamne.
- Ur, P. (1986). *A Course in Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.
- _____(1988). *Grammar Practice Activities. A practical Guide for Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.
- _____(1996). *A course In Language Teaching, Practice And Theory*. Cambridge: Cambridge University Press.

Yiheeyyis Siyyum. (1999). *Caasluga Afaan Oromoo Kutaa Saglaffaa Barsiisuu:*
Manneen Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Mukaxuriifi Caancoo. Yunvarsitiiti Addis
Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (kan hinmaxxanfamiin).

Wasanee Bashaa (2010). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Itoophiyaa.

[https:// en-m.Wikipedia.org / wiki/ Grammar](https://en-m.Wikipedia.org/wiki/Grammar)

[http://education.waikato.ac.nz/research/files/etpc/2006v5n1nar1pdfwww.nclrc.org/teaching_grammar /grindex. htm](http://education.waikato.ac.nz/research/files/etpc/2006v5n1nar1pdfwww.nclrc.org/teaching_grammar/grindex.htm)

YUNVARSIIITII JIMMAA

KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA: MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

DABALEE “A”: Cheeklistiin Qabxiilee (Ulaagaalee) Madallii Kitaabaa (Checklist for evaluating text book)

Meeshaa madaallii kitaabaa keessaa cheeklistiin isa tokko waan taheef isaan armaan gadii akka meeshaa madaallii kitaabatti fayyaduu danda’u. Isaaniinis madaallii qabiyyee kitaabichaa gadifageenyaan kan ittiin madaalluu dha. Isaani:s

- ❖ Sirrummaafi iftoomina qabiyyee. caaslugaa qabaachuu
- ❖ Shaakala qabiyyee caaslugaa gaarii qabaachuu,
- ❖ Qidoomina qabiyyee caaslugaa qabaachuu,
- ❖ Qajeelfama caaslugaa sirriifi ifa ta’e qabaachuu,
- ❖ Sadarkaan caaslugaa barataa hundaaf kan oolu ta’uu,
- ❖ Haalli dhihaanna qabiyyee caaslugaa barattoota hundaaf kan oolu ta’u
- ❖ Irra deddeebiifi guddina qabiyyee caaslugaa qabaachuu,

YUNVARSIIITII JIMMAA

KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA: MUUMMEE AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU

DABALEE “B”: Afgaaffii I/G Muummee fi Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo
Barssiisaa Jiruuf Dhiyaatu

Kabajamaa barsiisaa / barsiisaa itti gaafatamaa muummee Afaan Oromoo, kaayyoon gaaffiifi deebii kanaa kallattiidhaan haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaarra jiruun manneen barumsa Qophaa’inaa Giddaa Ayyaanaa keessatti hojiirra ooluufi dhiisuu isaa sakatta’uuf odeeffannoo gama keessaniin argamuu danda’u walitti qabachuudha.

1. Haalli dhihaannaa caaslugini Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti dhiyaate maal fakkaataa? Ittiin barsiisuuf hawwataadhaa?
2. Caaslugaa Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa’ee jiruun hojiirra oolchaa jirtuu?
3. Barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaa kanatti kutaa 11ffaa barsiisan adeemsa baruu barsiisuu keessatti tooftaa caasluga Afaan Oromoo barsiisuurratti maal fakkaatu?
4. Mala barataa giddugaleessa godhateen caasluga Afaan Oromoo barsiisaa jirtuu?
5. Hoj-manee fi hoj-daree kennuun barattoonni ofiin qabiyyee caaslugaa hojjetanii akka of danda’aniif nikakaastuu?
6. Hojiirra oolmaa haallan dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kutaa barnootaa keessatti kan ittiin tu’attan maal fa’i? Waggaatti si’a meeqa tu’atu?
7. Qaawwaan hojiirra oolmaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa barnootaa keessatti mula’atan jiruu? Yoo jiraatan maalfa’i?

Galatoomaa !

Kooddii: Barsiisaa Getaachoo Dabaloo (A)

Itti gaafatamaa muummee barsiisaa Dajanee Gammachuu (B)

YUNVARSIIITII JIMMAA

KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA: MUUMMEE AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU

DABALEE C : DAAWWANNAA DAREE

Guca Daawwannaan Daree Ittiin Guutamu

Qorannoon kun xiinxala haala dhihaannaa caasluga Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 11ffaafi hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessaarratti kan xiyyeeffatedha. Qorataan daree seenuun hojiirra oolmaa kutaa barnootaa keessaarratti ciyyeeffatee kan ittiin ilaaludha. Unki daawwannaa kun filannoowwan gosa lama of keessatti kan hammatu yoo ta'u gabatee keessatti mallattoo ($\sqrt{\quad}$) kaa'uudhaan kan deebi'udha.

Guyyaa _____

Kaayyoo barnootaa _____

Qabiyyee _____

Mata duree _____

Turtii (duration) _____

Maqaa mana barumsaa _____

Maqaa barsiisaa _____

Kutaa _____ Daree _____ Guyyaa _____

Lakk.	Qabiyyee Gaaffilee Daawwannaan Irratti Geggeeffamu	Eeyyee	Lakki
1	Barsiisonni malleen barataa giddugaleessa godhateen caasluga Afaan Oromoo barsiisaa jiruu?		
2	Adeemsa baruu barsiisuu keessaatti barsiisonni mala caasluga barsiisuurratti tooftaa dimshaashaa fayyadamanii nibarsiisuu?		
3	Adeemsa baruu barsiisuu keessaatti barsiisonni mala caasluga barsiisuurratti tooftaa murta'aa fayyadamanii nibarsiisuu?		
4	Hoj-maneeffi hoj-daree kennuun barattoonni ofiin hojjetanii akka of danda'aniif barsiisonni nikakaasuu?		
5	Daree keessatti barsiisonni yommuu caasluga barsiisan barattoonni waliin nihojjetuu? Haalaanis nihirmaatuu?		
6	Barsiisonni shaakala caasluga Afaan Oromoo addaddaa kennuun ofiin deebisurra barattoonni ofii isaaniitii itti yaadani akka deebisan nitaasisuu? Haalaanis barattoota nitu'atuu?		
7	Barsiisonni yommuu barsiisan ibsa gahaa nikennuun?		
8	Mala baruu barsiisuu caasluugaa keessatti rakkooleen barattootaafi barsiisota mudatan jiruu?		
9	Caaslugaa Afaan Oromoo akkaataa kitaaba barnootaa kutaa 11ffaa keessatti qophaa'ee jiruun hojiirra oolchaa jiruu?		

sGuyyaa Daawwannaan Daree Geggeeffame

Kooddii: Barsiisaa Getaachoo Dabaloo (A)

Kutaa	Guyyaa
11A	23/03/2013
11B	24/03/2013
11C	05/04/2013
11D	06/04/2013

